bible educational services

# Tajaajila Barnoota Kitaaba Qulqulluu

## Qajeelfama Barsiisotaa

Kitaaba qulqulluu sadarkaa 1 fi 2

DURAA DUUBA A
Seenaa 7-12

www.besweb.com

## Tajaajila barnoota Kitaaba Qulqulluu

Dhaabbata Gargaarsaa UKtti galmaahe (Lakkoofsa 1186004)

**Ergama**
Nuti sin tajaajiluudhaan isin kanneen biroo tajaajiltu, itti fayyadama idil addunyaaf oolchuu; barnoota kitaaba qulqulluu itti fufiinsaan Dubbii Waaqayyoo qayyabachiisuudhaan dhaloota ammaa fi dhaloota boruuf oolchuu dha.

**Mul'ata**
Afaanota idil addunyaa adda addaatiin barnoota kitaaba qulqulluu oomishuu fi jajjabeessuudhaan karaa mal-quunnamtii adda addaa kanneen yaada keenya hirmaataniif gahuu dha.

## ODEEFFANNOO WALIIGALAA

**Raawwii tajaajila barnoota kitaaba qulqulluu:**
Tajaajilli barnoota kitaaba qulqulluu “Bibletime”, “New life” fi “Gleaners” afaan Ingiliffaan barnoota kitaaba qulqulluu qophaa'an yeroo ta'an manneen barnootaa kitaaba qulqulluu poostaa fi dhaabbilee wal fakkaatoo UK irraa gara idil addunyaatti daawwachuudhaan, neetworkiidhaan, gorsaa fi leenjiidhaan biraan gahuu dha. Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun yeroo ammaa kana gareewwan biyyoota biroo keessa jiran waliin hariiroodhaan hojjechaa kan jiru yeroo tahu kanneen turjumaanaa, dizzaayinii, maxxansaa fi raabsaa barnootichaa hojjetanii dha. barnootni kunneen barattoota hundaafuu kaffaltii malee gahuu qabu.

Barnootni bibletime yeroo jalqabaaf tajaajila irra kan oole Kibba Ayerlaand waggoota 50 dura ture. Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun itti gaafatamummaa gulaalummaa fudhachuudhaan afaan Ingliffaa Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun gulaaluu fi afaanota biyya alaa gara garaa gulaaluudhaan hirmaataa jira. barnoonni bibletime durumaanuu waraqaa A4 irratti kan maxxanfame yeroo tahu barattoota bakka adda addaa jiraniif turban afur afuriin barnoota kana gara wiirtuu barnoota kitaaba qulqulluutti akka deebisanii fi qabxii itti argatanii kan taasisuu dha. Yeroo dhiyoo asitti galanni Sosochii Haaromsaaf haa tahu malee Beelfaast, keessatti barnootni baatii jahaa waraqaa A5 irratti maxxanfamuudhaan waldaalee fi manneen barnootaa akka salphaatti kan itti fayyadaman ta'uu isaanii keessumattuu bakkeewwan tajaajila poostaa hin qabneef faayidaa kennaa turee jira.

Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun barnoota biraa irraa adda kan isaan taasisu manatti ykn gareen kan qopheeffamanii (waldaa/mana barnootaatti) qorannoodhaan caasaa barnootaa karoorfameen barattoonni hanga waggaa 20tti akka itti fufan kan taasisanii dha. Garaagarummaa umriidhaan kan kennaman sadarkaalee barnootaa shank an qabu yeroo tahu kanneen umrii barnoota seenuun duraa, waggaa 5-7, waggaa 8-10, waggaa 11-13, waggaa 14-16 jiraniif kan qopheeffamanii dha. tokkoon tokkoo gareewwan umrii kanneeniif qo'annoo waggaa sadiitu kenname. (fuula 4 ilaalaa). Gareen umrii kanneen sadarkaa hubannoo irratti hundaahuudhaan kan kennamanii dha. Qabiyyeen bibletime ijoolleen dubbii Waaqayyoo akka qorataniif carraa kennuudhaan seenaa kitaaba qulqulluu barachuudhaan jireenya isaanii keessatti barsiisa kitaaba qulqulluu akka jiraataniif kan dandeessisanii dha.

Kooppiiwwan barnoota kanneen maxxanfaman Ingiliffaadhaan marsariitii Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun irraa www.besweb.com irratti kan argaman ykn Barreessaa idil addunyaa keessatti kan argamanii dha. Afaanota birootiinillee marsariitii irratti ni argaman. Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun isin unuu waliin hariiroo qabaachuu yoo feetan marsariitii irraa buufachuun itti gargaaramuu ni dandeessu.

## Teessoo quunnamtii Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluu

**Barreessaa kaabaa Ayirlaandifi kan guutuu biyyaa lafa kan (Rabsaa barnoota hundumaa)**
37a Belmore Street, Enniskillen, Northern Ireland BT74 6AA
L. Bilbilaa: 00 44 286 632 2462
Imeeyilii: sam@besweb.com

**Barreessaa UK**
Mr Stephen Gillham,
Imeeyilii: stephen.gillham@besweb.com

**Marsariitii**: www.besweb.com
**Imeeyilii**: info@besweb.com

## TAJAAJILLI BARNOOTAA KITAABA QULQULLUU

Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun jalqaba irraa kaasee bakkeewwan tajaajila poostaa hin jirre akka manneen barnootaa fi waldaalee Afriikaa, Hindii fi bakkeewwan biroo keessatti tajaajila kennuun isaa dabalaa dhufee jira. Qajeelfamni barsiisotaa kanneen barnoota kana fayyadamaniif qopheeffamanii dha. Barruulee kane keessatti qajeelfamni barnootaa sadarkaa 1ffaa fi sadarkaa 2ffaaf umrii hanga waggaa 5-10 jiraniif kan oolanii dha.

Qajeelfamni barnootichaa tokkoon tokkoon isaanii akkuma barnoota bibletime irra jiruutti wabii wal fakkaataa kan qabani dha. Barnootni bibletime fi qajeelfamoonni isaanii torbaniif akka oolaniif kan qopheeffamanii dha. Barnootni baatii Eblaa keessumaayyuu ayyaana Faasikaa irratti xiyyeeffannoon kan barreeffaman yeroo tahan barreeffamnoonni Muddee ammo ayyaana Dhalootaa Gooftaa Yesuus Kiristoosiif akka oolanitti kan barreeffamnii dha.

Barruulee kanneen yeroo itti fayyadamntan xumura barnootaa tookkoon tokkoo isaanii irratti barruuleen kunneen walitti qabanmanii qabxiin irratti taasifama. Haalota baay'ee keessatti kun rakkisaa tahuu isaa hubannee jirra. Kanaafuu kutaa barnootaa keessatti barruuleen kunneen raabsuudhaan barsiisaan ykn hoogganaan barnoota kennuudhaan barattoonni barnoota hiriyaa isaanii irratti qabxii kaa'uudhaan qabxii akka itti kennan taasifamu. Xumurta barruulee kanneen irratti bakki qabxiilee baatii sanaa itti galmeessan waan jiruuf guddina barataa saanaa ilaalchisee bakki yaadni itti kennamus ni jira. Barataan kunis barnoota baatii jahaaf kennamaa ture sirriitti xumuruu isaa kan agarsiisu xumura irratti waraqaan ragaan ni kennamaaf.

## QOPHII BARSIISOTAA

Barsiisonni waan ofii isaanii yaadanii fooyyee qabsiisanii dhiyeessan akka hin barsiifneef dhorkuu hin barbaadnu waan taheef kaka'umsa barsiisotaa mala mataa isaanii fayyadamanii barsiisuu hin dhorkinu. kunneen qabiyyee bibletime fayyadamuuf yaada kennamanii dha.

- **Seenaa sana beekuu** – barsiiftonni seenaa kitaaba qulqulluu irra jiru beekuu fi barnoota bibletime waliin firoomsuudhaan fayyadamuu qabu. Yaadaanuu barnootni bibletime barsiisaan barnoota sana xumuruun dura itti fayyadamuu qaba. qajeelfamni tokkoon tokkoo barnootichaaf kenname karoora barnootichaaf xiyyeeffannoo kan kennu ta'uu qaba.
- **Barnoota kennamu hubachuu** – karoora barnootichaa mata duree irratti jechuuta "wanti amma barannu" kan jedhan fedhii ijoolleen qaban lamaan erga seensessuu barsiisaa dhaggeeffataniin booda fi barnoota bibletime xumuraniin booda kan yaadatanii akka tahaniif dhiyaatanii jiru. Yaadni barnootaa filannoo inni duraa beekumsa waa'ee seenaa sanaa yeroo ilaallatu inni lammaffaan ammo ijoolleen waa'ee barnootichaa beekumsa qaban akka itti yaadan, akka hojii itti hiikanii fi deebii akka kennanii dha. Filannoowwan barnootaa kunneen yaadrimee ijoo/dhugaa jiru barnoota kana keessatti barsiifamanii fi barsiisonni ammo madaallii mataa isaaniif itti fayyadamuu fi madaallii mala barsiisuu fi barachuu gaggeessuudhaaf isaan gargaara.
- **Wal barsiisuu** – barnoota hundaa keessatti ijoolleen haala kana irratti mudannoo mataa isaanii akka calaqqisan taasifamu. seenaa kana ijoollee kanatti himuudhaaf ijoolleen hirmaannaa cimaa akka taasisaniif jalqabbii seenaa kanaa irratti wal barsiisuu qabna.
- **Barsiisuu** – seenaa keessatti qabxiilee ijoo keenyee jirra. barsiisftonni kana yeroo barsiisan osoo qabxii ijoo kana hin tuqiin seenaa kana durumaanuu ofii isaanii yaada isaanii keessatti sammuu isaanii keessatti qayyabatanii haala hawwachiisaa taheen barsiisuu qabu. Barsiisaan barattoonni seenaa kana akka sirriitti hubatan gochuudhaaf seenaa kana irraa maal akka beekan akka calaqqisan taasisuu qaba. Kanaaf akka mijatuuf seenaa keessatti waan wal qabatee jiru mul'isuudhaaf yaalii taasifnee jirra. Kunneen yeroo hundaa qubee italics kan ilaalamanii dha.
- **Agarsiisuu** – Haalota adda addaa keessatti ijaan agarsiisuun ulfaataa akka tahe garuu hanga danda'ametti ammo boocaalee ykn wantootaan seenaa kana akka sirnaan hubatan taasisuu qabna. Gargaartuun barnootaan argaman seenessuu kana hubachiisuuf bakka guddaa kan qabu dha. Haala barbaachisaa ta'een bakka fakkiiwwan fi boocaaleen barbaachisanitti www.freebibleimages.org irratti dhiyeessuudhaan marsariitii isaanii irraa buufachuun ni danda'ama. Maddi wantoota argamanii inni biraan ammo Eikon Bible Art (info@eikonbibleart.com) yeroo ta'u kun bittaadhaan kan argamu dha. Yoo maashiniin kooppii jiraate, fakkiiwwan bibletime muraasni isaqaqnii guddisuudhaan, halluu dibuudhaan, barnootaaf itti fayyadamuun ni danda'ama.
- **Barachuu** – tokkoon tokkoo seenessaa waliin jechama furtuu ta'an kaa'amanii waan jiraniif haala tokko tokko keessatti jechama furtuu lamaan kaa'uudhaan ijoolleen sirriitti akka barataniif ni gargaara jennee dhiyeessinee jirra. Ijoolleen jechama furtuu akka barataniif akka yaadataniif akkasumas jechoota dubbii kitaaba qulqulluu akka yaadataniif goonee jirra.

- **Xumuruu** – Mana barnootaa keessatti ijoolleen gilgaalota akka hojjetanii fi deebii akka kennan gochuudhaan barsiisaan gargaarsa barbaachisu akka kennu taasifama. Isaan muraasaaf barsiisaan seenessa sana dubbiseefii ijoolleen ammo seenessa kana irraa maal akka hubatan ni gaafatamu. Daa’imman gara biroon ammo dubbisuudhaan deebii akka kennan gaaffii ni gaafatamu. Haala lamaanuu keessaa ijoolleen qajeelfama kennamuu akka hordofaniif gaaffii gaafatamu. Haala mana barnootaa hin taane keessatti bibletime ni fayyadamta yoo taate akka qormaata hin taane gargaaruun barbaachisaa dha. Barnoonni kennamu bohaartiif kan ooluu fi gammachiisaa tahuu akka qabuu fi ijoolleen hojii hojjetanif isaan jajjabeessuun barbaachisaa dha.
- **Keessa deebi’uu** – Maloota biroo salphaa fi hubatamoon qormaata, ykn barnoota kana gargaaruudhaaf seenaa keessa deebi’uun barbaachisaa dha.
- **Ittiin jiraachuu** – kutaan kun waan mata duree waan qabatuuf, barnoonni kun akkamiin nuun qoraa fi hojii garee kennuudhaan deebii dhuunfaa funaanuudhaan qormaata barnoota kanaa deebisuu gaafata.

## Jechama furtuu barsiisuu

1. Jechi furtuun waraqaa qofaa tokko irratti barreeffamee ykn boordii jechoota baay’ee waliin barreeffamee ijoolleen akka irra deddeebi’anii jedhaniif hanga jechi kun haqamutti barattoonni akka jedhanii fi erga haqamee boodas akka yaadatanii jedhan taasisuu dha.
2) Iddootti Kitaaba Qulqulluun argamutti taphnicaqasa Kitaaba Qulqulluu ni adeemsifama.Ijoolleen caqasa sana argachuudhaaf wal dorgomu, caqasa sana calqabaa kan argate, sagalee isaa ol fudhateet dubbisa.
   a) Garee lamaaniin nama rarraasuu – xalayoota baay’ee – bakki jechi furtuun jiru qubeessaa adda taheen barreessuudhaan – ijoolleen qubee isa kamiin akka barreeffamuu qabu filachuudhaan hanga isaan keessaa tokko jecha sana yaadatee jedhutti irra deddeebisuudhaan gaafachuudhaan raawwatama.
   b) Yoo kitaaba qulqulluun jiraate dirriilii eeboo kanaan barattoonni jechama sana barbaaduudhaan kan dura argate akka dubbisu taasifamuudhaan raawwatama.

## Karoora yeroo

- **Duraa duuba –** tokkoon tokkoo barnootaa barsiisuudhaaf duraa duuba isaanii eeguudhaan keenyee jirra garuu barsiisonni kana yeroodhaa gara yerootti jijjiiruuf barbaaduu danda’u.
    1. wal barsiisuu fi seenmessaa dubbisuu – tilmaamaan daqiiqaa 15
    2. jecha furtuu barsiisuu – daqiiqaa 5-10
    3. workishiitii guutuu – daqiiqaa 20
    4. qormaataa fi gochoota – daqiiqaa 5-10

Waan jedhamu kana yaadadhu

“Yoo natty himte nan irraanfadha;
Yoo natty agarsiifte nan yaadadha
Yoo na hirmaachifte nan qayyabadha.”

## Seera barumsa Kitaaba Qulqulluu.

| | SADARKAA 0 (B/sa dura)<br>SADARKAA 1 (Umrii 5-7)<br>SADARKAA 2 (Umrii 8-10) | SADARKAA 3<br>(Umrii 11-13) | SADARKAA 4<br>(Umrii 14 ol) |
|---|---|---|---|
| **Kan jalqabaa** | Barnoota jalqabaa – wal barsiisuu | Barnoota jalqabaa – wal barsiisuu | Barnoota jalqabaa – wal barsiisuu |
| **SEERA BARUMSAA A** | 1. Uumama<br>2. Nohi.<br>3. Phexros.<br>4. Fannoo Phexros.<br>5. Abrahaam<br>6. Abrahaam<br>7. Phexros<br>8. Phexros<br>9. Yaaqoob<br>10. Kristaanoota durii<br>11. Phaawulos<br>12. Dhaloota Yesus | 1. Uumama<br>2. Nohi.<br>3. Phexros.<br>4. Fannoo Phexros<br>5. Phexros<br>6. Abrahaam<br>7. Yaaqoob<br>8. Kadhannaa<br>9. Phaawulos<br>10. Phaawulos<br>11. Phaawulos<br>12. Dhaloota Yesus | 1. Uumamaafi kufaatii<br>2. Guddina duri seer uum<br>3. Phexros<br>4. Fannoo Phexros<br>5. Phexros<br>6. Abrahaam<br>7. Yaaqoob<br>8. Jireenya kiristaanummaa<br>9. Phaawulos<br>10. Phaawulos<br>11. Phaawulos<br>12. Ayyaanaa dhaloota |
| **SEERA BARUMSAA B** | 1. Jireenya kiristaana isa jalqabaa<br>2. Raaji<br>3. Bitaaniyaa<br>4. Fannoo<br>5. Fakkeenya<br>6. Yoseef<br>7. Yoseef<br>8. Namoota Yesus argate<br>9. Musee<br>10. Musee<br>11. Musee<br>12. Seenaa ayyaana qillee | 1. Fakkeenyoota<br>2. Waan rajjii<br>3. Bitaaniyaa<br>4. Fannoo<br>5. Kristaanoota durii<br>6. Yoseef<br>7. Yoseef<br>8. Barreessitoota wangeelaa<br>9. Musee<br>10. Musee<br>11. Musee<br>12. Seenaa ayyaanaa qillee | 1. Fakkeenyoota<br>2. Waan rajjii<br>3. Bitaaniyaa<br>4. Fannoo<br>5. Kristaanoota durii<br>6. Yaaqoobifi maatii isaa<br>7. Yoseef<br>8. Ho.E. 2:42 karaagara fundura<br>9. Musee<br>10. Musee<br>11. Seera<br>12. Seenaa ayyaanaa qillee |
| **SEERA BARUMSAA C** | 1. Daani’el<br>2. Waan dinqii baay’ee<br>3. Waan dinqii baay’ee<br>4. Du’uu Kristoos<br>5. Ruutiifi Saamu’eel<br>6. Daawiit<br>7. Daawit<br>8. Iyasuu<br>9. Eliyaas<br>10. Elsaa'in<br>11. Yoonataa<br>12. Ayyaana dhaloota Yesus | 1. Daani’el<br>2. Waan dinqii baay’ee<br>3. Waan dinqii baay’ee<br>4. Du’uu Kristoos<br>5. Ruutiifi Saamu’eel<br>6. Daawiit<br>7. Daawit<br>8. Iyasuu<br>9. Eliyaas<br>10. Elsaa'in<br>11. Nama Waaqayyo ittifayyadame kakuu moofaati<br>12. Ayyaana dhaloota Yesus | 1. Daani’el<br>2. Fakkenya Yesus<br>3. Aangoo gooftaa<br>4. Du’uu Kristoos<br>5. Ruut<br>6. Saamu’eel<br>7. Daawit<br>8. Iyasuu<br>9. Eliyaas<br>10. Elsaa'in<br>11. Amala heddu k/moofa<br>12. Ayyaana qillee |

**A7 Seenaa 1**

**Lallabaa phexiroos- Afuurrii qulqulluun wa'ee yesuus akka lallabuf Phexiroosin gargaaruu isa.**

| | |
|---|---|
| | **Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**<br>• Duuka buufotaf afuurri qulqulluun barbaachisaadha.<br>• Afuurri qulqulluun gooftaa yesuusiin akka fayyisaa isaanitti kan fudhataan hundaa keessaa jirataa.<br><br>**Caqasaa furtuu:** ***HOE 2:-36***<br>**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***HOE 2:-1-14ykn 36:-39*** |
| **WAL BARSIISI** | • Gaffiwwan kana afuuraa qulqulluu beeksisuudhaaf itti dhimmaa ba'ii. Qilleensaa arguu dandeessaa? Hin mulaatuu. Kanafuu jiraachuu isaa akkamitti beekatraa/ hojii inni hojjetee ilaaluu dandeessaa. Garaa alaa yoo ilaaltee qilleensii jiraachuu isa mirkaneefataa.<br>• Seenaa fasikaa ijoollee yaadachisii. Yesuus du'aa ka'eeraa. Garaa samii/waaqatti/ osoo ol hin ba'iin duraa duuka buutootaafi kan hin mul'annee gargaraan adda akka isaaniif erguu kakuu galeef<br>• Afuurri qulqulluun kan jedhamuu gargaraan kun kan dhufee tokkon tokkon amantootaa keessaa kan jiratuudhaa. Akkumaa qilleensaa kan hin argannee afurrii qulqulluun kun jireenyaa isaanii keessaattii gargaarummaa fiduu akka dandaa'uu beekuu. |
| **BAARSIISI** | • Yesuus gara abbasaa osoo hin deemnii duraa duuka buutootnii yerusaaleemetti walitti qabamanii turan ***(HOE 2:-1-4)*** yeroo dhumaa sanattii iddoo sun sagalee qilleensaa bubbeen guutamee. Achumaan barbaadaa ibiddaa kan fakkatuu tokkon tokkon isaaniirraa qubatee. Afuurrii qulqulluuniis dhufee! *Ergamootin kennan adda ta'ee isaanii irraatti dhufuu isaatiin gammachuu akkamituu isaanitti dhaga'amaa ta'iinaa? (kakuu gooftaa yesuuswaan rawwatamneefii baayyee gammadanii, aja'ibsifataanii, gammachuu itti dhaga'amee ta'iinaa?)*<br>• Afaanootaa garagaraattin dubbachuu danda'uu isaanii yaadadha! *Yeroo hedduudhaf ijoolleen maatiirraa, mana barumsaatti afaanootaa barataan qofaa iyyuu dubbachuu akka hin dandeenyaa ibsifii. Duukaa buutonni yesuus afaanotaa kana hin baraannee.* Kana hundumaa kan agarsiisaan afuurri qulqulluun dhufuu isaatiniidhaa. *Mana kana bukkee darbituu osoo ta'ee maaltuu isanitti dhaga'amaa ta'iinnaa?*<br>• Namootnii dhi'oo jiran iyyaa isaanii dhaga'uudhaan yoo isaaniif galuu baate iyyuu ajaa'ibsifatee ***(HOE 2:-5-13)***<br>• Phexiroos wantaa godhaamuu kan ibsuuf kun carraa gaarii ta'uu beekuudhan wa'ee gooftaa yesuus isaanitti dubbate ***(HOE 2:-36-39)*** *namoota baayinaan walitti qabanitti lallabuun/dubbachuu/ ibsuu hangaam rakkisaa akka ta'ee irraattii mari'adhaa.( xiqqoo kan namaa sodaachisuu, wan dubbatan ajajaa sirrii isaa beekuu, waan namoonni yaadaniifi waan irraattii dubbataniifi dhiphaachuu)* phexiroos isaa kana kan godheefii afuurri qulqulluun wan isa gargaareefiidhaa.<br>• *Warrii Phexiroosiin dhageeffatan cubbuu isaanii irraa fayyuu akka barbaadan hundumaa, nutiis itti amananee fayyuu qabnaa.*<br>• *Afuurri qulqulluun gooftaa yesuusiin akka fayyisaa isaanitti warra fudhataan hundumaaf akka kennamuu ibsaa. Afuurri qulqulluun namootaa warren kaaniif wa'ee yesuus akka dubbannuu nu gargaaraa*<br><br>**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**<br>**Argisisuu:-** ssuura bilisaa macaafaa qulqulluu- guyyaa phenxeqosxee |
| **BARATAAN** | Caqaasnii ijoon barbaachisaa yoo ta'ee ibsuufi barsiisaa ***(HOE 2:-36)*** kun lallabaa phexiroos irraa kan fudhateedhaa. Namoonni isanitti dubbatuu kun yesuusiin fannoo irraattii yoo fannisan iyyuu waaqayyoo immoo yesuusiin du'a kasee. Kun kan nuf mirkanesuu yesuus nama qofa osoo hin ta'iin gooftaafi kiristoosiin ta'uu isaatii. |
| **YAADACHISI** | • Afuurri qulqulluun yommuu dhufuu ergaamoonni essaa jiruu?<br>• Afuurri qulqulluun sagalee maal fakkatuu dhageesisee?<br>• Ergaamoonni maal argaani?<br>• Akkumaa afuurri qulqulluudhan guutamaniin wantii isaan gochuu danda'aan maaliidhaa?<br>• Wantaa godhamaa jiruu sana kan dhaga'ee eenyuu ture?<br>• Ergamaa isaa kaamiidhaa dhabbatee waan ta'ee sana kan ibseefi?<br>• Phexiroos eenyuutti dubbatee?<br>• phexiroos wa'ee cubbuu isaani maal akka godhan isaanitti himee?<br>• Isa kana yoo godhan kennaa akkamii argachuu dandaa'uu?<br>• Baraa kana keessaatti afuurri qulqulluun namootaa akkamii keessaa jirataa? |

## A7 Seenaa 2

## Phexiroos nafaa sana fayyisee- Seenan kun fayyisuu humnaa waaqayyoo argisisaa.

**Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**

- Afuuri yesuus Phexiroosiif yohannis keessaatti hojjechuu isaanittin nama nafaa fayyisaanii.
- Phexiroosiif yohannis namtichaa nafichaa akkumaa gargaaraan nutiis akkasumaa warren kaan gargaaruuf yaaluu qabnaa.

**Caqasaa furtuu:** ***Sad.1ffaa HOE 3:-6 Sad.2ffaa HOE 3:-16***
**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***HOE 3:-1-12***

### WAL BARSIISI

- Deemuu wan hin dandeenyeef jiraachuudhaaf nyaataa bitachuufi kan oluu nama horii kadhaachu ibsaa.
- Kiranchii ittin deemuu waan hin qabneef iddoo ta'e kadhaatutti kan geessan hiriyoonni isa batanitti
- Suura fuula nama gadda qabuu kana kan agarsiisuu kaasi.

### BAARSIISI

- Gafa tokko Phexiroosiifi yohannis gara mana qulqullummaatti yoo seenanii namnii nafnii sun horii/qarshii/ akka isaaf kennamiif gafatee ***(HOE 3:1-5)*** isaa wajjin yeroo fudhaatanii akka duddubataan ibsifii.
- Ajajaa Phexiroositti dhimmaa ba'ii << anii meetiifi wargee hin qabuu kanan qabuu garuu siifan kennaa siif ta'aa. Maqaa yesuusiin ka'ii deemi>> ***(HOE 3:6-7)****.meetifii warqeen wan xiqqoo qofaaf akka gargaaruu ibsii.* Namtichii miili isaa hin fayyinee. Phexiroos guutumma jireenyaa isa wan jijjiruu kennuuf barbaadee.
- Phexiroos harkaa isa qabee miilaa isaatiin akka deemuu gargaaree, yeroodhumaa sana miilifi harkii namtichaa jabatanii jireenyaa isa keessaatti yeroo jalqabaafii deemuufi utaluu dandaa'ee! Inni waaqayyoof ulfinaa guddaa waan qabufi gara mana qulqulluummaatti Phexiroosifii yohaaniis wajjin fuulla'ee/deeme/ ***(HOE 3:-8)*** *kan fuulduraa irraa namtichaa fuullaa gammachuu isa kan agarsiisuu, suuraa kaasii. Guyyaa hundaatti nama nafaa kadhaatuu yoo argituu maal jetta?*
- Tokkon tokon nama wan godhamee kanarraatti rajjefataniruu ***(HOE 3:-9-12)***
- *Fakkenyaa phexiroos hordoofuu qabnuu yaada. Haala gochaati jijjiiruun sadarkaa tokko/wayyiin/ nama yoo gargaarruu dhiimmi baayyee bu'aa buusuu. Wantii warren kaaniif qoodnuu misiraachoo gooftaa yesuusiidhaa.*
- *Akkumaa namumaa kamitiyyuu jireenyaa keenyaa irraatti rakkoo qabna. Namtichii naftii sun sababaa dhukubaa/dadhaabbi/ isaatti deemuu akka hin dandeenyee hundaa . humnii yesuus cubbuu keenyaa nurra balleessuu danda'aa*
- *Wantootaa xiqqoo ittin waaqayyoon galateffachuu dandeenyuu yaadii.*

**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**
Argisiisuu:-suuraa bilisaa macaafaa qulqulluu:- nafnii kadhaatuu sun fayyee.

### BARATAAN

Caqaasnii ijoon barbaachisaa yoo ta'ee barsiisuuf ibsuu, ***sad.1ffaa HOE 3:-6, sad.2ffaa HOE 3:-16****, baraachisaa yoo ta'e ijoolleen caqaasa ijoon yommuu qabatan yoo utalaanif ykn duubdub yoo jedhan irraa deddeebbi'uu qabnuu.*

### YAADACHISI

- Phexiroosiifi yohaaniis yommuu isaa argan sa'aatti meeqa?
- Phexiroosiifi yohannis gara kaam deemuu turaanii?
- Yeroo hangaamiifi namtichii dhabbatee deemuu kan dadhaabee
- Guyyaa hundaa eessaa ta'a ture?
- Phexiroosifii yohannis kan gafaatee maal ture?
- Phexiroos nafaa sana fayyisuuf maqaa enyuutti fayyadamee?
- Wantii inni namtichaaf godheefi wantii phexiroos itti dubbatee maaliidhaa?
- Wantii namtichii godhee/rawwatee/ wantootnii sadaan inni hojjetee maaliidhaa?
- Ergaa itti fureen boodaa eessa deeme?
- Humnii yesuus jireenyaa keenyaa irraatti maal hojjete?

## A7 Seenaa 3

## Phexiroos mana hidhaatii:- Seenan kun warrii isaaf hojjetan waaqayyoo akkamitti akka gargaaruu nu agarsiisaa

| | |
|---|---|
| | **Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**<br>• Kirisaanootaa warra calqabaa warrii gooftaan yesuusiin fannisaan geggessitonni amantii isaan balaleefataan.<br>• Rakkoo barbaade iyyuu yoo isaan mudatee yesuusiin dhugadhaan kan jalatan isaaf abbomamuu barbaadaa.<br><br>**Caqasaa furtuu:** ***Ibroo 13:-6***<br>**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***HOE 4:-1-22*** |
| **WAL BARSIISI** | • Seenan kun kan darbeera kan itti fufeedhaa. Seena bu'uuraa isa dhugaa kana irraa deebi'uun hundarraa caala.<br>• Akka daddammqinsaatti fuula nama gammadeefi gaddee suura kaasuudhaan yaalii.<br>• Natichii akkamiti deemuu danda'ee? Ijoolleen ta''iin rawwatee kun humnaa yesuusiin akka ta'ee akka hubataan mirkaneessi |
| **BAARSIISI** | • Kanan boodaa Yohannisiifi phexiroos du'aa isa ka'ee wa'ee gooftaa yesuusiin lallabudhan naommtnii hedduun amanaani ***(HOE 4:-1 ykn 2:-4)*** haata'u malee bulchifoonni mana qulqulluummaa pheexiroos waa'ee yesus yeroo dubbatuu itti araanii. Yeroodhumaa sana Yohannisiifi Phexiroos qabanii mana hidhaatti darbataan ***(HOE 4:-3)*** *kun isaanii irraatti maal akka geessisuu dandaa'uu ibsaa*<br>• Guyyaa itti aanuu dhaddacharraattii dhiyataanii gafatamanii ***(HOE 4:-5-7)*** *namootnii dhaddaachaa sun yakkamaa akka ta'aaniif hin tanee kan murteessanii ta'uu isaanii ibsii.*<br>• Irraa deebi'ee Phexiroos gargaarsa afuura qulqulluuttin namtichii akkamitti akka fayyee isaan hubaachisee ***(HOE 4:-8-12)*** dhaddachisa sun yohaanniifi phexiroos irraatti maal akka murteessan dubbataann! Rajjii guddaan akka godhamee osoo beekanii mareedhaan boodaa murtii isaaniitin phexiroosifi yohannis lammaffaa wa'ee yesuus akka hin dubbannee itti himanii ***(HOE 4:-13-19)*** *dhimmaa kanaf Yohannifi Phexiroositti maaltuu dhaga'amaa ta'iinnaa? Ni ajajaamuu ta'iinnaa?*<br>• Phexiroosifi Yohaannis wa'ee gooftaa yesuus dubbachuu dhabuu akka hin dandeenyee ni beekuu! ***(HOE 4:-20)*** *yesuusiin hedduu wan jalataaniif isaaf abbomamuuf murteessanii. Wantii feedhe yoo dhuufee iyyuu Gooftaan isaan wajjin akka jiruu hubataniiruu. Afuurrii qulqulluun isaan gargaaraa.*<br>• *Nuunis wantii rakkisaan yoo nu mudaatee iyyuu yesuus akka isaa jalannuf isaaf aboomamuu barbaadaa.*<br><br>**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**<br>**Argisisuu:-** suura bilisaa macaafaa qulqulluu :- yohaannisifi phexiroos hidhaamuu isaanii. |
| **BARATAAN** | Barbaachisaa yoo ta'ee caqasaa ijoo barsiisuudhaan ibsaa. ***Ibroo 13:-6*** kutaa itti aanuu lamaan osoo itti hin dabaliin abbaoomiiwwaan calqabaa shanaan << taphaa jechaa>> taphaachuu hin qabduu. Kutaa sana adda baasuudhaaf ijoolleen garee 3tti kan qoodamaan yoo ta'uu isaa ittin wal amansiisaan garuu hunduu irraa deebi'uu qabu. *seeronni sun phexiroosifii yohannis kan gargaaraan fakkatuu? Nuufiis isaa kana beekuun akka nu gargaaruu ibsaa!* |
| **YAADACHISI** | Kaardii irraatti barreefamaa korjoo/borsaa/ ka'aman gilgaalaa isa hojjedhuu. Himaa tokkon tokkon isaatiif lakkofsa 5-100 kennamafi kana akka si gargaaruuf garee lamaa qabadhuu.<br><br>• Poolisiin sun phexiroosifi yohannisitti hedduu aree<br>• Halkaan sana mana hidhaatti dabarsanii.<br>• Mana hidhaatti yoommuu gadii lakkifamanii dhaddaachaa sanan gaffiin dhiyyaatef.<br>• Phexiroos dhaggeeffatootaa dhaddachaa sanaf humnii yesuus namtiichaa sana akka fayyisee dubbata.<br>• Afuurri qulqulluun dhaddachaa fulduraatti phexiroosifi yohaannis akka dubbatan gargaaree.<br>• Pheexiroosifi yohaannis dhaddachaa dura miliqaanii<br>• Dhaddachi sun phexiroosifi yohannis wa'ee yesuus akka hin dubbanneefi murteessani<br>• Yohaannisifi phexiroos ajajaa dhaddachaa sana akka fudhatan dubbatan. |

# A7 Seenaa 4

## Phexiroos birmaadu ba'ee:- seenan kun waaqayyoo kadhanna akka deebisuu nuu agarsiisaa.

**Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**
- Kiristaanoonni hojii isa akka hojjetanif waaqayyoo humnaa isaaniif kennuun jajjabeessaa
- Kadhanni rakkoo nu mudaate maraaf furmaataa godha.

**Caqasaa furtuu:** ***HOE 4:-31 ykn mate 6:-33***
**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***Hoe 4:-23-31***

### WAL BARSIISI

- Ijoolleen hiriyootaa/miiltoo/ ykn maatii isaaniif missiraachoo qoodanif yaa dubatanii. Tarii waan alaa ta'aanii hojjetanii ykn dorgoommi mo'ataan ykn waan isaan dhiphiseefi miiltoo isaani irraa gargaarsaa gafaachuu dhimmaa isaan gafataniis ta'uu danda'aa.

### BAARSIISI

- Phexiroosifi Yohannis imaaltoota isaanii wajjin missirachoo hirmaatan qabuu ***(HOE 4:-23)*** gammachuun missirachoon sun mana hidhaatii ba'uu isaanii yoo ta'uu kan namaa gaddisuu wa'ee yesuus akka hin dubbannee ajajamuu isaanii ibsa!
- Miiltoowwan Phexiroosifi Yohannis kadhannadhan murtii ogummaa qabuu godhanii ***(HOE4:-24-30)*** waaqayyoo to'ataa waan hundumaa ta'uu waan beekaaniif isaan dhaabudhaaf namoota yaalan caalaa humnaa akka qaban amananii. Yoommuu kadhatan waaqayyoo humnaa isa agarsisuuf gochaan inni godhee hundumtuu wan rajii aja'ibaa nama diinquu yaadatanii. Ciminaa akka isaaniif kennuuf rajii hedduu humnaa yesuusiin gochuudhaf waaqayyoon gafatanii ***(HOE 4:-29-30)***
- Waaqayyoo kadhannaa isaanii deebisee! ***(HOE 4:-41)*** *wa'ee yesuus yoonna dubbatan isaan wajjin kan hojjetuu humnaa afuuraa qulqulluu akka argaan bu'uuraa mana isaanii waaqayyoo akka sochoose ibsii.*
- *Dhimmi rakkisaan hedduun yoonu qunamuu gara waaqayyootti kadhannan dhiiyyaachuu dandeenya.*
- *Seena hari'a kanaan akkumaa arginee waaqayyoo kadhata namootaa dhaga'ee akka deebisuufi gooftaa yesuusiif dursaa kennuu akka qabnuu nu hubachiisaa*
- *Sad.2ffaa ijoolleen kiristaanoota biyyaa biroo jiraaniin wa'ee missirachoo yesuus akka hin dubbannee namoota gochuu yaadan irraa hubannoo fudhachuu qabna.*

**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**
**Argisisuu:-** fakkii bilisaa macaafaa qulqulluu bilisaa:- Phexiroosifii Yohannis hidhamaanii

### BARATAAN

Barbaachisaa yoo ta'ee Caqasaa furtuu ***barsisuun ibsii HOE 4:-31 mate 6:-33*** irraattii sagalee << barbaadii>> jecha jedhuu salphaa dhumatti ka'uu jechuudhaa. Mootummaa waaqayyoo jechuun waan waaqayyoof bu'a buusuu hundumaafii gooftaa yesusiinis kan dabalataan jechuudhaa.

### YAADACHISI

Itti yaadii gilgaaloota seena arfan irraattii hundaa'ee barumsaa 7 A keessaa qopheessii
- Duuka buutoonni yesuus afuuraa qulqulluu maaliif barbaadaani?
- Barattoonni afuurii qulqulluun yoo dhufuu maal ilaalaan?
- Caqasaa furtuu: xumurii << waaqayyoo, yesuus isa isiin mukaa irraattii fanniftaan kan gooftaa yesuus --------------- fi------------- godhee>> ***(HOE 2:-36)*** (seena1 )
- Namtichii mana qulqulluummaa ture sun horii /qarshii/ kadhataa ture?
- Yeroo hangaamiitif deemuu kan dadhaabee?--------------
- Caqasaa ijoo keessaa ajajaa hiri'ataa guuta << meqaa namanaziiret yesuus kiristoosiin ---------->>
- Wantii rajiin /aja'ibaa/ kun namootaafii wa'ee gooftaa yesuus maal isaaniif mirkaneessaa?
- Pheexiroosifi Yohannis mana hidhaatii maaliif darbatamaanii?
- Mannii murtii sun maal akka godhan isaanitti dubbate ture?
- Waaqayyoo kadhannaa Phexiroosifi Yohannis, kan hiriyoota/miiltoo/ isaanii yoo deebisuu maaltuu ta'ee ykn rawwat

<u>**A8 Seenaa 1**</u>

**Phexiroos Dorkaa akka gargaaree:- seenan kun dorkaan du’aa akka kaate agarsiisaa.**

| | |
|---|---|
| | **Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**<br>• Humnii gooftaa yesuus Phexiroos wajjin ta’e dorkaa fayyisuudhaan mul’ataa<br>• Gooftaa yesuusiti amanuudhaan deebii isaaf deebisuu qabna.<br><br>**Caqasaa furtuu:** ***HOE. 9:-42***<br>**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***HOE. 9:-32-43*** |
| **WAL BARSIISI** | • Waan qabnuu warren kaanif hiruudhaan wa’ee gargarsaa namootaa irraattii dudubadhaa. isaan kana kan itti gochuu dandeenyuu, meeshaa ittin argsisuu dandeenyuun agarsisii.<br>• Dorkaan gooftaa yesuusiin baayyee akka jalattuufi garaa lafeettii ta’uu ishee beeksisii. Sababaa kanaaf guutummaa biraa jireenyaa isheetii uffataa hodhuufi hojjechuudhaan hiyyeessotaa gargaarti turte. |
| **BAARSIISI** | • Dorkaan baayyee dhukkubsatee dute ***(HOE 9:-37)*** namootaatti maaltuu dhaga’amaa ta’iinnaa?<br>• Kiristannoonni lama Phexiroosiin barbaadaa gara magaalaa yophee bukkee deemani ***(HOE9:-38-39)***<br>• Phexiroos kallatiidhaan gara mana dorkaa dhufee ***(HOE 9:-40-41)*** *Pheexiroos calqabaa akkamitti akka kadhaatee achumaan akka dubbates harkaa ishee akka qabeefi miillaa akka dhabbatuu akka gargarsee gad fageenyaan ibsaa. Dorkaan du’aa kaatee! Haala calqabaa yeroo phexiroos dhufuu muudatefi boodaa haala gammachuu isaa waliin madalii. Wantii aja’ibaan Phexiroos gochuu dandaa’ee kun humnii gooftaa yesuus isaa wajjin ta’ee kan hojjetee ta’uu isaaf xiyyeefannoo kennii.*<br>• Namoonni baayyeen gooftaa yesuusitti amananii ***(HOE 9:-42)***<br>• *Dorkaa du’aa kan kaasee hojii gooftaa yesuus ilaaluudhan itti amanachuu qabnaa.*<br>• *Kana jechuun maal jechuu akka ta’ee ibsii. Ilmaa waaqayyoo ta’uu isaa hubachuu qabna. Inni jiraataa waan ta’eef cubbuu keenyaa nurraa fudhuudhaf humnaa qaba. Gooftaa yesuusiti amanuu jechuun guutumaan gutuutti isa amanachuu qabna jechuudha.*<br><br>**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**<br>**Argisisuu:-** suura bilisaa macaafaa qulqulluu :-xaabitaa dorkaan du’a kaatee |
| **BARATAAN** | Caqasaa ijoo barsisii ***HOE 9:-42***<br>*Caqaasnii ijoon kun daa’imma haarasiidhaf illee galuu dandaa’uu qaba. Ijoolleen isaa kana huubachuu isaanii mirkanneesi <<horaa>> jechii jedhuu eenyuun bakka akka bu’uu mirkaneessi. Gooftaattii akka amanan kan isaan godhee maaliidhaa? Gooftaatti amananuun maaliif nuu gargaraa/fayyadaa/ ? namnii akkamitti gooftaattii amanuu danda’aa?* |
| **YAADACHISI** | • Dorkaan kan jiraattuu essaadha?<br>• Namootaa akkamitti gargaaraa turte?<br>• Namoota maalif gargaarti turtee?<br>• Dorkaan yoommuu dutuu namootatti maaltuu dhaga’amee?<br>• Phexiroosiin barbaachaa eenyyutu deeme ture?<br>• Pheexiroos dorkaatti ergaa dubbateen booda maal godhee?<br>• Pheexiroos dorkaadhaan maal jedhee?<br>• Pheexiroos siree dorkaa bukkee jilbeenfatee maal godhee?<br>• Dorkaan du’a ergaa kaaten booda namootnii hedduun maal godhannii?<br>• Caqaasnii ijoon eessaatti argamaa? |

## A8 Seenaa 2

### Mul'ataa pheexiroos :- Seenan kun jalalii waaqayyoo hundumaaf ta'uu isaa agarsiisaa:

| | |
|---|---|
| | **Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**<br>• Pheexiroos waan waaqayyoo gafatee gochuudhaf abbomamaa ture.<br>• Tokkon tokkon keenyaa waaqayyoon jalachuufi missirachoo gooftaa yesuus akka nutii beeknuu ni barbaadaa.<br><br>**Caqasaa furtuu:** ***Yoh 3:-16***<br>**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***HoE. 10:-9-23*** |
| **WAL BARSIISI** | • Namoonnii Biyyoota gargaraa jiran wa'ee addan ba'uu isaanii dubbadhuu. Yoo argattee suurafi fakkitti dhimma ba'ii.<br>• Wa'ee halluu/bifa/ qaama, rifeensaa, uccuu, afaanootaa fi k.k.f garagaarummaa isaanii dubbadhaaa.<br>• Waaqayyoo hundaa keenyaa uume, inni namoonni hundii wa'ee isaafii wa'ee ilmasaa gooftaa yesuus akka baratuu ni barbaadaa |
| **BAARSIISI** | • Phexiroos yopheeti yoo kadhaatuu (seena 8 A wajjin wal qabsiisii) waaqayyoo Pheexiroosiin hundumaa akka jallatuu barbsiisee ***(HOE 9:-16)*** *mul'ataa isa gadii fageenyaan ilaaluu nu barbaachisuu. Sad.2ffaa ijoolleen, Pheexiroos gosaa Yihuudaa waan ta'eefi warri waaqayyoof dhimmaa basaan Yihuudoota qofadhaa jedhee waan amanuuf dhugaa kana hubachuudhaf wan dhibuufi ibsuun barbaachisadhaa. Waqayyoo Phexiroos tokkon tokko namaf yaada kan qabuu adda ta'uu isaa akka baratuu barbaadee.*<br>• Keessumooni sadii dhufanii Pheexiroos isaan fana gara mana Qorneleewoositti akka deemuu afferanii ***(HOE 10:-17-22)*** *Qorneleewoos loltuu warra Rooma isa bu'aa busuu yoo ta'uu wa'ee waaqayyoo baayinan barachuu akka barbaadduu isaaf ibse.* Qorneleewoos Pheexiroos irraa kan adda ba'uu Pheexiroos nama akka isa baayinan wan hin ilaaleefi( hin dawwanneedha. *Pheexiroos akkamitti sirritti deemuu akka qabuu ibsii (1) kan waaqayyoo barsiisee (2) qajeelfamaa afuura qulqulluu*<br>• Pheexiroos fageenyaa mayilii 40 irraattii qisaariyaa kan jedhamuu gara mana jireenyaa Qorneleewoositti deeme ***(HOE 9:-23)*** *fageenyaa kana fageenyaa ijoolleen beekan wajjin wal madalchisuudhan hubaachisaa kennuu yaalii. Kun guyyaa guutu sitti fudhachuu danda'aa. Deemsii Phexiroos sun sababaa waaqayyoof abbomamuu ta'uu isaa irraattii xiyyeeffannoo kenna.*<br>• *Waaqayyoo nama hundumaa jallachuu isarraatti xiyyeeffannoo kenni. Tokko tokkon isaanii akka dhiifamaa waliif godhaan ilmii isaa fannoo irraattii du'ee.*<br>• *Gooftaa yesuusiti kan amanuu yoo ta'ee namoota birootiif wa'ee isa dubbatee hubachisuun sirraa jira.*<br><br>**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**<br>Argisiisuu:- suura bilisaa macaafaa qulqulluu- Pheexiroos wa'ee yesuus Qorneleewoositti dubbate. |
| **BARATAAN** | Barataan caqaani sun barbaachisaa yoo ta'ee barsiisuun ibsii ***yoh 3:-16*** |
| **YAADACHISI** | • Pheexiroos eenyuu wajjin ture?<br>• Pheexiroos guyyaa walakkatti maal hojjeta ture?<br>• Phexiroos yoommuu Waaqayyoo isaatti dubbatte beekuudhaaf waanti inni barbaadee maalidhaa?<br>• Phexiroos argudhaaf dhirootaa meeqatuu dhufee?<br>• Pheexiroos eenyuun ilaaluu/daawwachuu/ barbaadee ture?<br>• Hojiin Qorneleewoos hojjetuu maaliidhaa? Kan jiraatus eessaadha?<br>• Pheexiroos gara mana Qorneleewoos maaliif deeme?<br>• Waaqayyoo namootaa adduunyaa irraa jiruu akka jalatuu akkamitti agarsisee?<br><br>**Hojirraa oolchii:-** iddoo keessummonni ga'an bifa tatootatiin hojjetamee gara gochaan sun agarsiisuu seenan 3 itti fufaa, namooni gurguddoon akka keessumattifi akka pheexiroositti dhisuu danda'aa |

## A8 Seenaa 3

**Pheexiroosii fi Qorneleewoos :- Seenan kun waaqayyoo angafaa looltuu waranaa warra Rooma akka fayyisee agarsiisaa.**

**Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**

- Qorneleewoos yesuusitti kan amanee nama hormaa isa jalqabaa akka ta'eefi kun immoo akkamitti akka ta'ee ibsaa.
- Waaqayyoo namootaa isatti amananii hundumaa cubbuu isaanitif dhifamaa gochuudhaaf fedhaa qabeessaadhaa

**Caqasaa furtuu:** ***HoE. 10:-43***
**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***HoE. 10:-23-48***

### WAL BARSIISI

- Seenan darbee kun itti fufaa ta'uu isaatiin seena 2 keessaa gaafiiwwaan muraasaa keessaa deebi'uun gadii fageenyaan ilaalun barbaachisadhaa.
- Waan gaarii dhaga'uudhaaf ta'iin namootaa hundaa iddoo tokkotti walitti qabuu aadan akkasii yoo jiraatee ijoolleen akka huubataniif fakkeenyaa kenni.

### BAARSIISI

- Pheexiroos gara mana Qorneleewoos ga'ee ***(HOE 10:-24-33)***. Ijoolleen haala kana akka hubataaniif gargaarii. Maatii Qorneleewoosiifi miiltoo isaa akkasumas Pheexiroosiin argudhaaf kaka'umsaan namootaa dhufaninii manni isa guutame. Qornelewoos pheexiroosiin akka keesumaa addatti waan lakka'eefi duraa isatti kufee sagadeef ! Pheexiroos kun hin ta'uu ka'ii dhabbadhuu jedheen. Achumaan Qorneleewoos waaqayyoo Pheexiroos akka isaaf ergee ibseefi. *Waaqayyoo laman isaanii wal ga'ii kanaf akka qopheese ta'uu huubachuu qabda!*
- Ergaa Pheexiroos ***(HoE 10:-34-43)*** *Pheexiroos akkamitti waaqayyoo gostii/hiddi dhaloota/ namoota hundumaa akka isa amananii kan barbaaduu akka ta'ee kan inni dubbatee ibsii.*
- Wa'ee gooftaa yesuus dhugaa inni dubbatee dubbadhuu. Wantootaa gaarii akkamitti akka dubbate, namoota kan fayyisee, akka du'ee fi waaqayyoo immoo du'a akka isa kaase, gooftaan yesuus guyyaa tokko yoo murteessuu iyyuu warra isaatti amananiifi dhifamaa cubbuu ni kennaa
- Deebii dhaggeeffatoota ***(HoE 10:-44-48)***. Afuurri qulqulluu wan pheexiroos saba sanattii dubbate akka huubataniif gargaaree. Gooftaa yesuusitti amanuu isaanitti cubbuu isaanii dhiifamefi akkuma namootni sun godhan wa'ee gooftaa yyessu yeroo dhageenyuu isaaf deebii deebisuu qabna. Isaatti amanuu keenyaan cubbuu keenyaa nuf dhifamaa.

**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**
**Argisisuu:-** suura bilisaa macaafaa qulqulluu pheexiroos wa'ee yesuus Qorneleewoositti dubbate.

### BARATAAN

Caqasnii ijoon barbaachisaa yoo ta'ee barsiisuufi ibsuu. ***HoE 10:-43***, *B << namnii kamuu >> (namaa kaamiifuu >> <<dhiifamaa cubbuu (furamuu, olfaamu) jechuun maal jechu akka ta'e ibsa godhii.*

### YAADACHISI

Naannoo kanatti gaffiiwwan baayyee dhiyyeessuurra, waraqaa xixiiqoofi gabatee gurrachaa guddaa irraatti caqasaa ijoo barreessu wayya. Ijoolleen tokkon tokkon isaanii fakkii fuula isaanii kaasuu. Kuniis malumaa jalalaa waaqayyoo Pheexiroos barsiise dabrsuudhaaf kan nu gargaaruu yoo ta'uu <<kaammiiyyuu>> jechii jedhuu isaaniis akka dabalatuu akka hubataan ni godhaa. Filmataaf kan argamuu yoo ta'ee ijoolleen kitaaboota moofa irraa fuula garagaraa yaa kukutaanii.

**Hojirraa oolchii:-** akka seena 2 irraattii dubbatametti kun bacoodhaan/tatoon/ yaa dhiyaatuu.

**A8 Seenaa 4**

**Pheexiroos oole:- Seenan kun waaqayyoo kadhannaa akka deebisuu argisiisaa.**

| | |
|---|---|
| | **Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**<br>• Miiltoon/hiriyoonni/ Pheexiroos isaaf kadhaatan.<br>• Waaqayyoo waan aja'iibaa gochuudhaan kadhannaa keenyaa ni deebisa.<br><br>**Caqasaa furtuu:** ***Yaaqoob 5:-16***<br>**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***HoE 12:-1-19*** |
| **WAL BARSIISI** | • Hiriyaa/miiltoo/ keenyaa irraa gargaarsa gafachuufi ykn argachuudhaaf wa'ee bilbilaatti fayyadamuu irraatti duddubadhaa. Kan danda'aamuu yoo ta'ee bilbilaa harkaakee akka meeshaa deggarsatti itti fayyadamii argisisii.<br>• Kadhannii waaqayyoo wajjin walitti duddubachuu ta'uu isa irraa deebi'ii. Waaqayyoo duddubii keenyaaf deebii osoo nuuf hin kenning yeroo hundumaa nu dhaggeefata. Kadhannaa keenyaa nuf deebisuudhaf humnaa qaba.<br>• Seena hari'a kanattii hiriyoonni dhimmaa baayyee barbaachisaa ta'eef kadhataan |
| **BAARSIISI** | • Pheexiroos mana hidhaatii ***(HOE 12;-1-4)*** .mootichii herodiis hordooftota yesuus ni jibbaa. Yaaqoob, akka du'uu godhamee achuman Phexiroos qabamee mana hidhaatii gatamee. Ta'iin Pheexiroos irraatti ta'ee kana isaa duraa ni yaadatee (HOE 5:-7A /seena 3/<br>• Kadhannaa miiltoo Pheexiroos ***(HOE 12:-5)*** *kun hundumarraa maaliif akka caaluu maari'adhaa.*<br>• *Mana hidhaatii miliqee* ***(HOE 12:-6-10)*** Pheexiroos mana murtiitti dhiyaachuu isaan dura guyyaa tokkon duradhaa. *(bu'aan murtii kana baayyee bu'aa qabeessa ta'uu isaa ibsii)* Pheexiroos egdoota lama jidduuti hidhamee osoo jiruu yeroodhumaa sana irribnii fudhatee. Ergamaadhan xiyyeeffannoo aja'ibafii diraamaa hedduudhaan pheexiroos oluu isa itti hime. Pheexiroos waan mul'ataa ilaaluu itti fakkata ture.<br>• Pheexiroos mana miiltoota isatti. Pheexiroos gara karratti akkumaa ba'een akka waaqayyoo isa oolchee beeke. *Amma Pheexiroositi maaltuu dhaga'amaa ta'iinna?* Kallatumaan gara mana miiltoowwaanii isatti deeme. ***(HOE 12:-11-17)*** Phexiroos yommuu balbalaa rurukutuu deebiin Roodan deebiftef deebiin hiriyootaa ishee maal akka ta'ee ibsii. Ajaa'ibsifachuu qabu turanii?<br>• *Haaloonni kadhannadhaan garaa waaqayyootti dhiyyaachuu qabnuu maal akka ta'e irraattii maarii'adhaa. Waaqayyoo yeroo hundaa kadhanna waan dhaga'uuf inni karaa hundumaan olitti karaa of isa beekun deebisa*<br>• *Waaqayyoo kadhannaa keenyaa yoo deebisuu galateeffachuuf ulfinaa lachuuf yaadachuu qabna.*<br><br>**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**<br>Argsisuu:- fakkii macaafaa qulqulluu bilisaa Pheexiroos haalaa aja'ibaan mana hidhaati baa'ee/miliqee/ |
| **BARATAAN** | Caqaasaa ijoo barbaachisaa yoo ta'e barsisuufi ibsuu ***yaaqoob 5:-16*** caqaasni ijoon kun kadhaanni keenyaa adduma/garagarumaa/ akka fiduu dubbata.waaqayyoo kadhannaa keenyaan hojii isa hojjete. |
| **YAADACHISI** | • Pheexiroosiin mana hidhatti kan galchee eenyuu?<br>• Mootiin heroodiis du'aan eenyuu adabee?<br>• Waaqayyoo argamaa isaa yeroo erguu Phexiroos maal hojjeta ture?<br>• Hiriyoonni Pheexiroos maaliif iddoo tokkotti walitti qabamanii?<br>• Ergaman Pheexiroos maal akka hojjetan itti dubbate?<br>• Pheexiroos balbalaa mana hidhaa akkamitti ba'ee?<br>• Ergamaan osoo Pheexiroos irraa adda hin baayin duraa yeroo hangamiif deeme?<br>• Gara mana eenyuutti deeme/<br>• Pheexiroos balbalaa irraatti kan argatee eenyuun?<br>• Roodaan dursitee maaliif balbaalicha hin bannee<br><br>**Hojirraa oolchii:-** Adeemsaa pheexiroos ittin mana hidhaatii ba'ee gareedhaan ta'uun tokko akka pheexiroos ijoolleen kaan immoo akka ergamaatti hojjetu. Namnii beekan/guddaan/ immoo gocha/ta'ii/ kana haala itti aanuun ijoolleetti hima. |

## A9 Seenaa 1
**Yaaqoob obboleessaa isa gane :- Seenan kun wa'ee of jalaachuu argsisiisaa.**

| | |
|---|---|
| | **Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**<br>• Of jalachuu warren kaan kan m,iidhuu ta'uu iyyuu xiyyeeffannoo isaa bu'aa dursuu qofa ta'a. of jalachuu jechuun warren kaan midhuyyuu kan of dursuu jechuudha.<br>• Akkumaa yaaqoob ofii keenyaa yoo jalannee, waaqayyoo irraattii cubbuu hojjenna<br><br>**Caqasaa furtuu:** ***Seer Uum 25:-18 ykn Filph. 2:-3***<br>**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***Seer Uum 25:-19-34*** |
| **WAL BARSIISI** | • Kan ati beektuu obbollonii lakkuu ta'anii dhalataan jiru ? Amalaafi qaama isaanitiin wal fakkatumoo gargaraa? Obboleessaakefi obbolettikee wajjin wal dhabdee beekta?<br>• Of jalachuun maaliidhaa? Namnii ati beektuu kan of jalatuu ta'ee sigowwomsee yeroo inni simidhe yaadata?<br>• Seenan kun wa'ee obboleeyyaan waaliif hin gallee yoo ta'uu tokko waan of jalatuuf obbolesa isa gowwomsee. |
| **BAARSIISI** | • Yisihaaqifi Ribqaan ijoollee lakkuu godhatani.  warri lakkuun kun osoo hin dhalatiin dura waaqayyoo Ribqaadhan inni guddaan isa xiqqaaf akka hojjetuu itti dubbate ***(Seer uum 25:-19-32)***<br>• Warri lakkuu kun yoo dhalatan amalaa gargaraa akka qaban kan beekamedhaa. Inni guddaan Eesawwuun qaamnii isa rifeensa yoo ta'uu yaaqoob garuu qaama rifeensaa hin qabuu ***(seer uum 25:-24-26)*** kan biroos  kan ittin adda ba'aan wan biroo hedduu qabu. Eessawuun adamootti beekamadhaa. Yaaqoob garuu mana fagachuu hin barbaaduu. Maatiin lachuu dhuunfaa isaanitti caalchisan kan jallatan qabu. Yisihaaq ,Eessawwuun, Ribqaan yaaqoobiin jalatuu ***(seer uum 25:-27-28)***<br>• Yaaqoob gafa tokko ittoo/ nyaata dham jedhuu/ hojjete ture. Essawuun immoo adamoo deemera. Haala kana ijoolleen akka hubatan godhii. Essawuun baayyee dadhabeefi beela'ee yeroo dhufuu foolii ittoo inni jalatuu dhaga'ee! Essawuun mirgaa wayi ykn tokko qabachuu qaba! Yaaqoob garuu ogessadha. Ariitiidhaan obbolessa isa bira deeme angafumaa isaa yoo kennef inni immoo waxii/ittoo/ kana akka kennuuf itti himee. *Mirgii angafummaa maal akka ta'e ibsii. Maatii keessaatti ilmii jalqabaa mirgaa kana argataa. Abbaan isa yoo du'uu geggeessa/hogannaa/ maatii sana ta'a qabeenyaa abba isa keessa harkaa lama ga'ee argataa.*<br>• Essawuu baayyee waan beela'eef yeroo dhabbatee itti yaaduu hin argannee! Obbolessi isa akka isa gowwomsuu eyyamefii ittoodhaan mirgaa angafummaa isa gurguree ***(seer uum 25:-39-34)*** *gochaa ijoollee lamani irraatti mari'adhaa. Yaaqoob mirgaa angafummaa Eesaawuu gowwomse fudhachuun isa sirridhha? Esaawuun mirgaa angafumaa kabajaa kana ittoo saayinaa tokkon gaddaruu qaba ture?*<br>• *Waaqayyoo waan yaaqoobifi Eesaawutti  gammade sitti fakkataa?*<br>• *Yeroo tokko tokko akkuma Eesaawuufi yaaqoob waan barbaannuu qofa yaadna. Kan of jallannuu yoo tane waaqayyoorraatti cubbuu hojjennaa.*<br><br>**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**<br>**Argisisuu:-** bibleforchildren.org.jacob |
| **BARATAAN** | Caqaasni ijoon barbaachisaa yoo ta'ee barsiisuun ibsii. ***Seer Uum 25:-28, Filph2:-3*** |
| **YAADACHISI** | • Seena kana keessatti maqaan ijoollee lachuu eenyuufi eenyuudha?<br>• Ilmii angafa isa kaamiidhaa?<br>• Ijoolleen laman karaa isaan itti adda ba'aan laman tuqi<br>• Mirgii angafummaa maali?<br>• Yaaqoob mirgaa angafummaa maalif barbaadee sitti fakkataa?<br>• Yaaqoob Eessawuun akkamitti gowwomsee?<br>• Seena kanarraa barumsaa maal barannaa? |

## A9 Seenaa 2

**Yaaqoob abba isa gane :- Seenan kun wa’ee gowwomsuu yaaqoob argisiisaa**

| | |
|---|---|
| | **Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**<br>• Ribqaan fi Yaaqoob Yisihaaqiinn gowwomsuu barbaadanii<br>• Waaqayyoo fulduraatti soba duubbachuufi , nama gowwomsuun wantootaa yaaradhaa.<br><br>**Caqasaa furtuu:** ***Seer. Uum 27:- 20 ykn 32:-2***<br>**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***Seer .Uum 27:-1-19*** |
| **WAL BARSIISI** | • Soba dubbachuu jechuun maal jechuudha?<br>• Seenan kun yaaqoob abbaa isaa sobuu isa dubbata. Sobnii isa abbafi obbolessa isa baayyee miidhee.<br>• Namnii tokko soba itti dubbachuudhan nama kaan bira kan ittin miidhee seenan biro yoo jiratee yaadachuu dandessa |
| **BAARSIISI** | • Amma ijji Yisihaaq dadhabee dullomaa ta’eera. Osoo hin du’iin dura ilmaa isa angafaa Eesaawuun ebbisuu barbaadee Eesaawuus nyaataa adda ta’ee akka qopheessuuf barbaadee. ***(seer uum 27:-1-4)*** *macaafa qulqulluu keessaatti abbootin osoo hin du’iin dura ilma isaanii angafaa akka ebbisan ibsii.*<br>• Ribqaan dursee yisihaaq Eesaawuun akka ebbisuuf ka’ee dhageese. Isheefii yaaqoob yisihaaqiin gowwomsuun yaaqoob akka ebbifamuu godhan. Kanaafuu soorataa mi’aawuu/dham jedhuu/ kan adda qopheesite, harkaa yaaqoob gogaa re’een golgite. Harkaa Eesaawuun isa rifeensaa fakkesitee ***(seer uum 27:-5-12)*** *namnii hundii dhuunfaa isatti ilmoo /ijoollee/ jallatuu akka qabuu, ijoollee yaadachisii. Ilmii jallatamaan Ribqaadhaf yaaqoob yoo ta’uu yisihaaqif immoo Eesaawuunidhaa. Lachanuun isaanii dhuunfatti mucaan jalatan akka ebbifamuu barbaadan. Manattis mana barumsattis haata’uu ijoollee sirrii ta’uu dhabuu isaanii kan itti adda baafnuu fakkeenyaa kenni!*<br>• Yaaqoob nyaataa adda kan dham jedhuu yisihaaqif dhiyeese. Innis Eesaawuun fakkachuun yisihaaqiin sobe. Yisihaaq Eesaawuun nyaataa dham jedhuu kana akkamitti arifatee akka hojjechuu dandaa’ee rajjeffate ***(seer uum 27:-18-20)*** *waaqayyon wan gammachisaan sitti fakkata ? Maalifi ? maalif ta’ee ?*<br>• Yisihaaq ni shakkee. Kun dhugumaa Eesawuudhaa? Mirkaneffachuudhaf rifeensa harkaa yaaqoob irraa jiruu qaqabatee ilaaluuf gafatee. Eyyee... harkii isaa kan Eesaawuun yoo fakkatuu sagaleen isa garuu yaaqoobidha jedhee Yisihaaq dubbate. Yaaqoob abba isaan ani Eesaawuudha jedhee sobe ***(seer uum 27:-21-24)***<br>• Yisihaaq nyaataa yaaqoob fidee nyaatee. Nyaataa sana nyaatee yoommuu fixuu yaaqoobiin Eesaawuu se’ee ebbisee ***(seer uum 27:-25-29)*** *yisihaaq gowwomsamuu isaa yoo beekuu maaltuu iti dhaga’amaa ta’iinnaa?*<br>• *Akka nutii hin sobeef waaqayyoo maaliif nu ajajee jette yaada?*<br>• *Fakkeenyaa gooftaa yaadii.*<br><br>**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**<br>**Argisisuu:-** bibleforchildren.org.jacob |
| **BARATAAN** | Caqaasnii ijoon barbaachisaa yoo ta’ee barsiisuu fi ibsuu. ***Seer uum 27:-20 Faarfa 32:-2*** |
| **YAADACHISI** | • Yisihaaqiifi ilmii jalataman eenyuu jedhamaa?<br>• Ribqaadhaf ilmii jalatamaan eenyuu jedhamaa?<br>• Yisihaaq osoo hin du’iin dura Eesaawuunif maal gochuu barbaadee;<br>• Ribqaan Eesaawuun akka ebbifamuu barbaadee turte? Maalif ?<br>• Yaaqoobiif Ribqaan yisihaaqiin akkamitti gowwomsaanii?<br>• Yisihaaq yaaqoobiin kan ebbisee ta’uu maaliif walalee?<br>• Seena kana keessaatti yaaqoobiif Ribqaan waan waaqayyoo gammachiisan sitti fakkataa? |

## A9 Seenaa 3

## Waaqayyoo Yaaqoobin argatee :- Seenan kun waaqayyoo akka nuf of eggatuu argisiisaa.

**Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**
- Waaqayyoo yeroo hundumaa sagalee kakuu isaa waan eguuf ni amanna.
- Waaqayyoo nuf of eggataa.

**Caqasaa furtuu:** ***Seer Uum 28:-16 ykn Faarf. 86:-1-22***
**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***Seer.Uum.28:-1-22***

### WAL BARSIISI

- Seena duraatiin akkamitti Eesaawuu yaaqoobiin akka gowwomfamee ijoollee yaadachisii. Esaawuun edddu waan areef yaaqoobiin ajjeesudhaaf karoorsee. Waan kana ta'eef yeroo muraasaaf biyyichaa gadii lakkisuudhaf murtesse.
- Ijoolleen akka yaaqoobitti akka yadan gaafadhuu. Bifa kanaan biyyaa yoo gadii lakkisaan maaltuu isaanitti dhaga'amaa
- Yaaqoob waan hama godhuuyuu, ammayyuu waaqayyoo akka isa jalatuufi isaa of eggatuu ibsa godhii. Seena keenyaa hari'atiin waaqayyoo ofii isaaf yaaqoobitti akka mul'atee argisiisaa.

### BAARSIISI

- Yisihaaq yaaqoobiin ebbisuudhaan gara mana Eessumaa isaa biyyaa haaraanitti akka deemuu abbome. Iddoo sanatti haadha warra isaaf tatuu argatee ***(seer uum 28:-1-5)***
- Deemsa isaarraatti waan itti dhiyeef yaaqoob boqonnaa fudhatee. Dhagaa borafatee cisee. *Kun maal akka fakkatuu tilmaamii!* Rafee osoo jiruu lafa hangaa samitti yaabbannoo dhabbatee argee. Ergamoonni waaqayyoo isarraa ol ba'aani yoommuu gadii bu'uun irraa deddebi'an argee ***(seer uum 28:-10-12)***
- Waaqayyoo fixxee yaabbannoo sanarraa dhabbatee ture. Innis yaaqoobiin akka ebbisuuf qoomo hedduu akka kennuuf itti himee. Waaqayyoo yaaqoob wajjin ta'uu isaaf kakuu galeefi. Guyyaa tokko waaqayyoo yaaqoobiin gara manatti akka deebisuu ***(seer uum 28:-13-15)*** *kakuu maal akka ta'ee irraatti mari'adhaa. Jechaa keenyaa yeroo hundaa ni egna? Maaliif? Waaqayyoo yeroo maraa sagalee kakuu isa akka rawwatuu ijoolleedhaf ibsa godhii. Inni guddan waaan ta'ef soba hin beekuu.*
- Yeroo iribaa dammaquu waaqayyoo akka achii jiruu yaaqoob ni beeke. *Osoo waaqayyoo wajjin jiruu yaaqoob maaliif akka sodaatee ibsaa godhii. Yaaqoob waaqayyoo kan hin gammachifnee waan hama hedduu godhee. Garuu waaqayyoo ammas isaaf of eggataa!* Achuman dhagaa borafatee ture dibataa dibee. Maqaa iddoo sana betel jedhee moggasee. Yaaqoob gooftaan yoo na wajjin ta'eefi nagaadhan gara manakotii yoo na deebisee gooftaan kun waaqakoo naaf ta'a jedhee dubbatee ***(seer uum 28:-16-22)*** yaaqoob ammas waaqayyoo kakuu isa akka eguu beekuu barbaadee!
- *Nutiis akkumaa yaaqoob waan hama hedduu hojjenera. Waaqayyoo akkuma yaaqoobiin jalatuu tokkon tokkon keenyaa ni jalataa. Nuf of eggataa. Nu'iif fannoo irraatti akka du'uuf ilma isa wan ergeef ibsii. Gooftaan yesuus akka << yaabbannoo>> ta'ee gara waaqayyoofi mana keenyaa isa samitti nu gessa.*

**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**
Argisiisuu:- bibleforchildren.org.jacob

### BARATAAN

Caqasaa ijoo barbaachisaa yoo ta'e barsiisuun ibsii. ***Seer Uum 28:-16 Faarf 86:-11***

### YAADACHISI

- Yaaqoob mana isa gadii dhiisuuf maalif yaade?
- Yaaqoob mata isa dura kawwachuuf/akka boraattitti/ maalitti fayyadamee?
- Yaaqoob abjuu isaatiin maal argee?
- Waaqayyoo abjuudhan maal yaaqoobitti argisisee?
- Yeroo darbee waan godhee/badaa/ waan hojjetef waaqayyoo yaaqoobiif of hin egganne ?
- Waaqayyoo nuf akka of-eggatuu akkamitti beeku dandeenyaa?
- Waaqayyoo dhagoota sana irraatti maal godhee?
- Gooftaan yesuus akkamitti yaabbannoo fakkachuun danda'aa?

# A9 Seenaa 4
## Yaaqoob haadha mana argatee :- Yaaqoob eesumaa isa kununsee.

| | |
|---|---|
| | **Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**<br>• Inni gowwomsa ture sun yaaqoob ofi isaafis gowwome.<br>• Nuti namootni biroon akka nuf godhan kan barbaannuu nutiis warren kaaniif gochuu qabnaa.<br><br>**Caqasaa furtuu:** ***Seer Uum 29:-28 ykn Gala 6:-7.***<br>**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***Seer Uum 29:-1-30.*** |
| **WAL BARSIISI** | • Kanan funduraa maatii hin beekne wajjin jirattee beekta ? Akkamitti sitti dhaga'amaa ? Muxannoo beektuu keessa , ta'ii bu'aa qabeessaa ta'ee dubbadhuu. Yaaqoob eessumaa/ obbolessa haadhasaa/ laaba wajjin jiraachuuf gara kaaraan akka dhufee ijoollee yaadachisii.<br>• Seena sana keessaa kan jiruu amalaa haaran wal baarsisii. Laabaaf ijoollee dubaraa (Liyaafii Raheel)<br>• Gowwomsuun miira akkamii akka qabuu seena yaaqoob irraa ni barannaa. |
| **BAARSIISI** | • Yaaqoob gara kaaraanitti deeme jira. Deemsa isa dhumaa irraatti bollaa bishaanitti bukkeetti egdoota argatee. Eessumaa isa laaba immoo nibeekuu ***(seeruum9:-1-8)***<br>• Intalaa laaba kan tatee Raheel hoolotaa ishee fudhaatee gara bishaanii dhuftee. Yaaqoob hoolonni ishee bishaan bollaa keessaa akka argataniif afaan bollaa irraa dhagaa guddaa irraa galgalcheefi ***(Seer uum 29:-9-10)***<br>• Yaaqoob eenyummaa isaa Raheelitti hime. Gara manatti figdee yoo isheen abba isheetti himtuu yaaqoob ishee wajjin jiraachuu barbaadee ***(seer uum 29:-11-14)*** *gaaffifi deebii akkamii akka godhan tilmaamuu dandeessaa!*<br>• Yaaqoob laabadhaf hojjechuu jalqabee. Yaaqoob Raheeliin haadha mana godhachuudhaf laabadhaf wagga torba hojjete. Isa kanas kan godheef Raheeliin waan jalateefidhaa ***(seer uum 29:-15-20)***<br>• Haata'u malee laaban yaaqoobiin gowwomsee. Qooda Raheel isaf kennuu, Liyaa haadha mana akka godhatuuf kenneef ***(seer uum 29:-21-27)*** *Yaaqoob yoo kana ilaaluu hangaam itti dhaga'amaa lata? Karaalee yaaqoob warren kaan gowwomsa ture ijoollee yaadachisii.*<br>• Yaaqoob wagga torbaa dabalatan laabadhaf ergaa hojjeteen booda Raheeliin fudhee ***(seer uum 29:-29-30)*** Laaban yaaqoob irraa wan barbaaduu wan argatee fakkataa!<br>• *Yaaqoob namoota warren kaan yoo gowwomsuu kan itti dhaga'amee sitti fakkataa?*<br>• *Warren muraasnii yaaqoob waan isa ga'uu argatee jedhuu. Wa'ee kanaf ijoollee maal akka yaadan mari'adhaa.*<br><br>**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**<br>**Argisisuu:-** bibleforchiren.org.jacob. |
| **BARATAAN** | Caaqasnii ijoon barbaachisaa yoo ta'ee barsiisuufi ibsa godhuu. ***Seer. uum 29:-28 ykn Gala 6:-7*** |
| **YAADACHISI** | • Laabaan kan jiraatu eessa ?<br>• Ijoolleen duubara laabaa lamaan maqaan isaanii eenyuu fa'ii?<br>• Yaaqoob kaaraan yoommuu ga'uu Raheeliin akkamitti ishee hubate<br>• Yaaqoob intalaa ishee kaamidhaa kan jalatee?<br>• Yaaqoob Raheeliin fudhuudhaaf wagga dabalataa meeqa laabadhaf hojjechuun irraa egamaa ?<br>• laabaan yaaqoobiin akkamitti gowwomsee? |

**A10 Seenaa 1**

**Isxifaanoos wa'ee gooftaa yesusiif arsaa ta'ee :- jaalalaa guddaa isxifaanoos gooftaa yesusiif qabuu.**

| | |
|---|---|
| | **Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**<br>• Isxifaanoos waaqayyoofi diinoota isa jaalatee.<br>• Isxifaanoos yeroo dhagadhan rukutamuu yesuus isaa wajjin wan jiruuf samitti akka isa simatuuf ega.<br><br>**Caqasaa furtuu:** ***1Yoh 4:-19***<br>**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***HoE .6:-8-15 ykn 7:-54-60*** |
| **WAL BARSIISI** | • Ijoolleen yeroo itti nama bira gargaaran gafadhuu.<br>• Namoota gargaaruu barbaadee , isaan immoo gargaarsaakee kan hin fudhaannee yoo ta'ee maaltuu sitti dhaga'amaa ? Maqaakee wamanii simidhuf yooyaalaniihoo ?<br>• Seena haar'atiin macaafaa qulqulluu keessatti nama warren kaan gargaaree ilaalaa. Warren kaan akkamiitti akka isaa kununsaan qoradhaa. |
| **BAARSIISI** | • Isxifaanoos gooftaa yesuusiin ni jalataa. Wan aja'ibaa namootaa hedduu gargaaruu wan hojjetef dhiiroonni yihuudoota muraasnii yesuusiif isaa hin jalaataan ture. Iccitidhaan isa miidhuudhaaf yesuus isaaniif akka du'ee akka inni hin dubannee dhorkuudhaf murteessaani ***(HoE 6:-8-11)***<br>• Namoonni sun isxifaanoos irraatti soba namootnii akka dubbatan gochuudhaan, gara dhaaddachatti fiduudhaan akka irraattii murta'uu barbaadanii. Isxifaanoos irraattii dhugaa batuu soba qopheessan ***(HOE 6:-12-15)*** *atii osoo isxifaanoos tatee maaltuu sitti dhaga'ama?*<br>• Hangaam iyyuu wa'ee yesuusiifi isxifaanoos soba yoo dubbataniis isxifaanoos hin aree. Yesus isaa fana akka jiruu arguu danda'eera. Dhugumaa fullii isaa akka fulaa erggamaa waaqayyootti ifee argamee ***(HOE 6:-15)*** isxifaanoos wa'ee yesuusiif isan wajjin yoo wal falmus kun immoo irraa caalaa namootaa sana arsee ***(HOE 7:-54)*** isxifaanoos sodachuu caalaa gara samitti mormaa isa ol kaasee yesus akka isa eegu ilaalaa ***(HOE 7:-55-56)*** *isxifaanoos yoo yesuusiin ilaaluu miira akkamiittuu itti dhaga'amaa ta'aa lata?*<br>• Namootnii sun isxifaanoositti waan araaniif waan inni dubbatuu dhageffachuu hin barbaanne. Isxifaanoosiin magalaadhan alatti baasanii isa ajjesuudhaaf dhagaa gurguddaa itti darbatanii. Isa kana yoo godhaaniiyyuu yesuus afuura isa akka fudhatuufi waan godhan hundaaf dhiifamaa akka argataniif isxifaanoos isaanif kadhaate ***(HOE 7:-57-6)*** achumaan boqotee.<br>• *Isxifaanoos osoo hin du'iin dura yesuus diinoota isaatif maal akka godhuu gafatee? Isa kana maalif akka godhee ni yaadda?*<br>• *Waan hama hojjenneef akkamitti nuf dhifamaa?*<br><br>**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**<br>Argisiisuu:- suura bilisaa macaafaa qulqulluu isxifaanoos arsaa ta'ee |
| **BARATAAN** | Caqaasnii ijoon barbaachisa yoo ta'ee barsisiuuf ibsuu ***1yoh 4:-19*** isxifaanoos jalaalaa gooftaa yesuusiif qabuu kan ibsee isaaf du'uuf feedha qabachuun ta'uu isa ibsii. Gooftaan yesuus jalalaa isa isxifaanoosiif kan ibsee isaaf fannoo irraatti du'uudhan |
| **YAADACHISI** | • Isxifaanoos waldaadhaaf gargaarsaa kenna ture, akkamittidha kan inni gargaaree?<br>• Namnii hundinuu isxifaanoosiin ni jalataa? Maaliif?<br>• Yihuudooni namootaa isxifaanoos irraattii akkamitti kakaasanii?<br>• Isxifaanoos wa'ee isafi yesuus waan soba yoo dubbatan akkamitti deebii kennee?<br>• Isxifaanoos gara samii yoo ilaaluu maal argee?<br>• Isxifaanoos irraattii namoonni maal godhanni?<br>• Isxifaanoos kan kadhaatee maal ture?<br>• Dhiifamaa waliif gonaa? |

**A10 Seenaa 2**

**Filiphoos missirachoo lallabuu isa:- Seenan kun namnii Afrikaa tokko gooftaa yesuusitti akka amanee**

| | |
|---|---|
| | **Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**<br>• Gooftaa yesuusiin amanuudhaan dhiifamni cubbuu nuf godhamuu qaba.<br>• Waaqayyoo kutaa macaafa qulqulluu isa ulfataa akka hubannuu nu godha.<br><br>**Caqasaa furtuu:** ***HoE 8:-35***<br>**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***HoE 8:-26-40*** |
| **WAL BARSIISI** | • Laftii onaa maal akka fakkatuu ijoollee gafadhuu. Maal fakkata? Miiraa akkamii qaba? Gara lafaa onaa deemitti warren kaanitti dubbadhuu yoo jedhamtee ni deemta?<br>• Waan ta’ee tokko gargaaruudhaf yeroon sirakkisee jira? Fkn kitaabaa, gaffii herregaa? Eenyuu gargaatee? |
| **BAARSIISI** | • Filiphos yesusiin amanuudhan wa’ee missirachooo yesuus magaalootafi mandarootati lallabee. Gaf-tokko ergaaman karaa lafa onaatti dabarsuu tokkotti isa geesse *(wa’ee dhimmaa kanatif Filiphos maal yaaduu danda’aa? )* filiphos yoomuu konkolatan gara isa dhufuu akkamiti argee ibsii. Gara manasatti kan deebi’uu nama bu’aa qabeessaa Itoophiyaa tokkotuu ture. ( kun eessaatti akka argamuu ibsii ***(HOE 8:-26-28)*** *namnii Itoophiyaa kun wa’ee eenyuu dhaga’uu barbaade?*<br>• Achumaan afuurri qulqulluun filiphos gara namtichaa akka deemuu itti dubbatee. Kakuu moofa macaafa Raajichaa isaayaas keessaa sagalee isaa guddisee ni dubbisaa ture. Filiphos kan dubbisuu kana akka huubatuu namtichaa gafatee! ***(HOE 8:-29-31)*** *caqaasnii tokko akka hoolatti namootafi namnii du’uu jiraachuu isa argisiisa (qaalamudhaaf yoo geffamuu hoolan homa akka hin didnee ibsii)* filiphos yesuus kiristoos wa’ee cubbuu keenyaaf fannoo irraatti du’uu isa ibsa godhe. *(yesuus du’uudhaaf fedhe qabeessaa ta’uu isa kan agarasisee ibsi)*<br>• Namntichii Itoophiyaa cubbamaa ta’uu isaa hubachuun waaqayyoo dhifamaa akka isaaf godhuu barbaadee. Osoo hin turiin kiristoos isaaf akka du’ee amanee ***(HOE 8:-32-35)***<br>• Filiphoos hordoof yesuus ta’uu isa mirkanessuuf isa cuuphaa *(cuupaa ibsaa godhii) jijjiramaa jireenyaa isarraatti dhufeefi gammachuu isa argsisii.*<br>• Afuurii qulqulluun filiphoos wa’ee yesuus warren kaanitti akka himuuf gara sitti isa geese ***(HOE 8:-36-40)***<br>• *Waaqayyoo namnii hundinuu yesuus wa’ee cubbuu isaatiif fannoorraatti akka du’ee akka beekuu barbaadaa. Wa’ee missirachoo yesuus dhaga’uu keenyaan galateffachuu qabnaa.*<br><br>**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**<br>**Argisisuu:-** suura macaafaa qulqulluu bilisaa- filiphoosiifi abba angoo nama Itoophiyaa |
| **BARATAAN** | Caaqasnii ijoon barbaachisaa yoo ta’ee barsiisuufi ibsuudhaa ***HOE 8:-35*** |
| **YAADACHISI** | • Ergaamichii Filiphoos gara eessa akka deemuf itti dubbate?<br>• Namtichii biyyaa eessaatti dhufee ture?<br>• Filiphoos gara isaa maaliif deeme?<br>• Dubbiisni sun wa’ee maali ture?<br>• Wa’ee yesuus filiphoos namtichaatti yoo dubbatuu maal godhee?<br>• Eessaatti ture kaan cuphaamee?<br>• Gara manatti yoo deebi’uu miira akkamittuu itti dhaga’amaa ture?<br>• Cubbu keenyaa akkamitti nuf dhiisa? |

## A10 Seenaa 3

## Saa'ooliifi ifa guyyichaa :- Seenan kun waaqayyo jireenyaa nama akka jijjiruu argisiisaa

| | |
|---|---|
| | **Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**<br>• Yesuus hudaa keenyaa akka jalatufi hundaa keenyaa warra jibbuu dabalatee akka du'ee argisisaa.<br>• Jireenyaa keenyaa jijjiruu kan dandaa'uu gooftaa yesuus qofadhaa.<br><br>***Caqasaa furtuu:*** ***2Qor 5:-17***<br>**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***HoE 9:-1-9*** |
| **WAL BARSIISI** | • Saa'ol yesusiin kan jibbuu nama yihuudi ture. Yesusiin namoota hordoonis waan jibbuufi akka isaan du'aan ni barbaadaa ture. Isxifaanoos yoo dhagadhaan rukkutamuu akkamitti achii akka dhufee ibsii (seena1)<br>• Ijoolleen yoo gafataman saa'ooliin akka hiriyaatti ni jalatuu? Maalifi ?maalif hin tanee? |
| **BAARSIISI** | • Gafaa tokko saa'ol gara damasqootti deema osoo jiruu kiristaannooni achii jiran akka hidhamaan godhee ***(HOE 9:-1-2)*** *gara sanatti yoo deemuu miiriifi ilaalchii saa'ool maal akka ta'ee irraatti mari'adhaa.*<br>• Daandii damasqoo irraattii ifa guddaa naannoo isaarraatti yoommuu ilaaluu lafatti kufe. Jechoota saa'oolitti dubbateemeefi deebi isaa itti fayyadamanii. *Saa'oolitti maaltuu akka dhaga'amuu ibsaa godha* ***(HOE 3:-4)***<br>• Sagaleen isaa yesuus akka ta'e itti dhageesise. *Amma saa'ool maal akka hubate ibsii. Yesuus ilmaa waaqayyootti inni jiraataadhaa, wa'ee yesuusiif ilaalchii inni qabuu hundumtuu dogoggoraa ture.* gara damasqoo deemuudhaan achiitti maal akka gochuu akka qabbu itti dubbate. Namoonni saa'ol wajjin turan sagalee isaa dhaga'an yoo aja'ibsifataanis wantaa tokko iyyuu hin arginee ***(HOE 9:-5-7)***<br>• Saa'ol iddootti kufee yoo isa kaasan jaama wan ta'eef gara magaalaatti namoonni qaban isa gessani.guyyaa sadiifi jaama ta'uu isaatiin nyaataa homaa hin nyaannee, bishaaniis hin dhugnee ***(HOE 9:-8-9)*** *jaamummaa akkamitti fudhatee ta'iinnaa?*<br>• *Gooftaan yesuus karaa kanaan maalif saa'oolin akka wal argee/ walitti dhufaan/ irraattii maari godhaa. Saa'ol yesuusiif hordooftee isaa akka inni jibbee ture ijoollee yaadachisii. Isaanis hundumtuu akka du'aan yoo barbaade iyyuu yesuus ulfinni kun isaaf kan hin mallee yoo ta'e iyyuu akka isa jaallatuf isa hordoofuu barbaada. Gooftaan yesuus jireenyaa isa gutumaan gutuutii jijjiree*<br>• *Gooftaan yesuus cubbuu keenyaa irraa akka qulqluuleessuufi jireenyaa isa haarafi humnaa akka nuf kennuu ni barbaannaa*<br><br>**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**<br>**Argisisuu:-** suura bilisaa macaafaa qulqulluu jijjiraamuu saa'ol |
| **BARATAAN** | Caqaasni ijoon barbaachisaa yoo ta'ee barsiisuufi ibsuu ***2Qoro. 5:- 17*** irraa ergaa jiruu jireenyaa saa'ool isa moofa wajin wal madaalchisuun nutiis << kiristoosiin >> yoo tane jireenyii keenyaa akka jijjiramuufi haara akka ta'uu ibsa. |
| **YAADACHISI** | • Saa'ool garaa kam deeme ture?<br>• Maalifidhaa karaa kana deemu kan filatefii?<br>• Maal argee?<br>• Maal dhaga'ee?<br>• Sagaleen sun maal jedhaa ture?<br>• Kan dubbachaa jiruu yesuus ta'uu yoo beekuu saa'ool maal hubate?<br>• Saa'ool guyyoota sadifii kan hin argannee maaliidhaa?<br>• Humnaa kan nuf kennuuf jireenyaa haara kan nuf kennuu kophaa isa kan jijjiruu/hareessuu/ eenyuudhaa? |

## A10 Seenaa 4

## Saa’ool isa jijjiaramee :- Seenan kun waaqayyo kan isa jijjiramee wa’ee saa’ool dubbataa.

**Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**

- Waaqayyoo namoota nuti barbaannuu nuf erguun nun gargaruu danda’aa
- Akka saa’ool hari’as waaqayyoo jireenyaa namoota jijjiree isaa kan bu’aa buusan godhaa.

**Caqasaa furtuu:** ***HoE 9:-20***
**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***HoE 9:-10-23***

### WAL BARSIISI

- Seena saa’ool isa jalqabaa irraa deebi’ii << inni moofan >> saa’ool maal akka fakkatuu yaadatta ?. Hordoftonni yesuus kiristoos warrii damasqoo jiran wa’ee saa’ool isa duraa << moofa> Ilaalchaa akkamii qabu? (soda......)
- Waaqayyoo saa’oolis haara akka maatitti akka simataan keessaa isaanii qopheese. Mee maaltuu akka rawwatee yaa ilaaluu

### BAARSIISI

- Waaqayyoo abjuudhaan Anaaniyaas dhaqee saa’oolin akka wal arguu itti dubbatee ***(HOE 9:-10-12)*** *Anaaniyaas waan deemu sitti fakkata? Maalifi?*
- Anaaniyaas saa’ool na ajjesa ykn nahiidhaa jedhee sodatee. Waaqayyoo saa’ooliin hojii adda ta’ee akka filateef haalan akka inni hin dhiphanee itti himee. Wa’ee waaqayyoo namootaa gonkumaa kan dura hin dhageetti wangeelaa dubbata jedhee ***(HOE 9:-13-16)***
- Anaaniyaas ajajamuudhan gara saa’ool deeme. Obboleessakoo jedhee wame *(obbolaa maalif akka ta’an ibsaa godhii)* gooftaan yesuus akka ergee itti dubbatee saa’ool irraa harkaa isa ka’achuudhaan akka inni ilaaluuf isaaf kadhatee. Saa’oolis afuura qulqulluudhaan guutumee, ergaa cuuphameen booda nyaataa xiqqoo nyaatee ***(HOE 9:-17-19)*** *saa’ool dawwanna Anaaniyaasiin akkamitti itti dhagamee ta’innaa?*
- Yeroo dhumaa sana saa’ool hordooftoota gooftaa yesuus dammasqoo warra jiran argatee. Ariitiidhan gooftaa yesuusiin lallabuu jalqabee. *Deebiin namoota saa’ooliin damasqootti argatanii maal akka ta’ee ibsa godha. Saa’ool akkas ta’aa jedhanii hin egnee ture!*
- Jijjiramuu jireenyaa saa’ool kan dhaga’aan yihuudooni ergaa lallabaa isa jibbuu isaaniraa kan ka’ee dhoksadhaan isa ajjesuuf yaalanii saa’ooliin masaraa damasqoo irraa gubboo keessaa kaa’anii gara lafaatti ergaa gadii buusannin booda saa’ool halkaanumaa sana miliqee ***(HOE 9:-19-25)*** *jijjiramaa jireenyaa saa’ooliif amma yesuusitti amanuu isaatiin haala jiruu wal madaalchisii*

**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**
**Argisisuu:-** suura bilisaa macaafaa qulqulluu jijiramuu saa’ool.

### BARATAAN

Caqaasnii ijoon barbaachisaa yoo ta’ee ibsuufi barsisuu ***(HoE 9:-20)***

### YAADACHISI

- Waaqayyoo akkamitti ture kan Anaaniyaasitti dubbate?
- Anaaniyaas gara saa’ool deemuudhaf maaliif sodatee?
- Hojiin haaran saa’ool maal fa’uu danda’aa?
- Anaaniyaan harka isa ija saa’ool irraa yoo ka’atuu maaltuu ta’ee?
- Yoommuu Anaaniyaas saa’ooliin ilaaluu/ dawwatuu/ kennaan bira inni argatee maal ture?
- Saa’ool yeroo dhumaa sana maal gochuu jalqabee?
- Saa’ool guuboodhan miliquu kan barbaadee maaliifidhaa?
- Akkumaa saa’ool jireenyii keenyaa gutuummaatti akkamitti jijjiramuu danda’aa?

# <u>A11 Seenaa 1</u>

## Phaawuloos (Saa’ol) Anxookiyaatti- Seenan kun wa’ee hojii waaqayyoo keessaatti hirmaachuu kan

**Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**

- Amantoonni gooftaa yesuusitti amanan << kiristiyaanoota jedhamanii wamamaani.
- Yoonna nuti waaqayyootti amanuu inni nuf karoora adda nuuf qaba. Isa fana akka hojjeennuu barbaadaa.

**Caqasaa furtuu:** ***HoE. 11:-26***
**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***HoE. 11:-19-26***

### WAL BARSIISI

- Haaloota gargaraattin akkamitti warren kaan akka gargaraan ijoolloota gafadhuu. Barsisaankee akkamitti si huubataa? Haatikee mana keessaatti yoo dhukubsatuu ishee gargaaruudhaf maal gota?
- Seena hori’atiin namootin lama hojii waaqayyootti akka waliif galanii/hirmataan/ ibsuu barbaachisaa.

### BAARSIISI

- Wa’ee yesuus kan dubbatuu oduu gammachisaan baldhaachaa yoo dhufuu waldaan waaqayyoo guddaacha dhuftee. Amantooni murasnii magaalaa Axookitaayitti deeman jiraachuu jalqaabanii. Achumaan kanaan funduraa wa’ee missirachoo dhaga’anii namootaa hin beekneetti lallabaanii baayoolinis gooftaa yesuusitti amananii ***(HOE 11:-19-21)***
- Yeroodhumaa sana waldaan yerusaleem jirtuu hojii guddaa Axokiyaatti jiruu dhageese. *Amantootati akkamitti dhaga’amaa ta’iinnaa?* /ni gammaduu/. Isaa kana gadii fageenyaan adda baasuudhaaf Baarnabaas kan jedhamuu ergani. Gara Axookiyaatti deemuudhaan kiristaanoonni hedduun jiraachuu isaanittiin gammade. Baarnabaas waan danda’uu hundumaa gochuudhan amantootaa haara barsiisuudhan gooftaa yesuusiin akka jallataan jajjabeesse ***(HOE 11:-22-24)*** *Baarnabaas nama akkamitti?*
- Baarnaabaas Axokiyaatti hojiin waan itti baayateef gargaaraa barbaadee. Waaqayyoo wagga murasaa funduraa kan isa barsisee wa’ee Saa’ol yaadachiisee. Saa’ool gooftaa yesuusiin ergaa fudhateen boodaa gara magaalaa itti dhalatee Xarsees deeme. Barnaabaas gara xarees deemuudhan Saa’ool akka isaa gargaaruuf gara Axokiyaatti fidee ***(HOE 11:-25-26)***
- *Saa’ol/phaawulosiif Axokiyaatti iddoo calqabaa tajaajilaa isa waan tateef bu’aa qabeessumaa isa ibsa. Waaqayyoo isaaf hojii adda isaa karoorsee Saa’oliifi Barnaabaas bara itti anuu amantoota Axokiyaa jiraan barsiisaa achiitti dabarsanii.* Yeroo sanatti Amantoonni yesuus kiristoos yeroo jalqabaatif << kiristaanoota>> jedhamanii ***(HOE 11:-26)***
- *Yesuusitti yoo amanuu nutiis << kiristaanoota>> jedhamna. Maqaa kanas ni qooddanna! Waaqayyoo kiristaanootaa hundumaaf akkumaa phaawuloos godhee karooraa adda qaba kiristaanooni hundinuu wajjin akka hojjetan ni barbaadaa.*
- *Kiristaana ta’udhaaf maal gochuu qabna?*
- *Kiristaana yoo tanee, gama kaamin waaqayyoo hojii isaatti akka hirmannuu barbaadaa?*

**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**

### BARATAAN

Caqaasni ijoon barbaachisaa yoo ta’ee ibsuufi barsisuudha. ***HOE 11:-26***

### YAADACHISI

- Magaalaa kamittidha waldaan guddachaa kan dhuftee?
- Amantoonni yerusaaleem gara Axokiyaatti eenyuun ergani?
- Baarnaabaas Anokiyyaatti maal godhee?
- Baarnaabaas yeroo dhumaasana kan barbaadee maalidhaa?
- Baarnaabaas eenyuun argachuu barbaadee?
- Saa’oliifi Baarnaabas yeroo hangamiif Axokiyaa turani?
- Namoota yesuusitti amananiif maqaan kennaamee maal jedhamaa?
- Saa’ol hojii eenyuu hojjeta ture?

<u>A11 Seenaa 2</u>

**Saa'ol /Phaawuloos/ Qophorisitti- Seenan kun wa'ee gooftaa yesuus warren kaanitti dubbachuu agarsiisa.**

| | |
|---|---|
| | **Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**<br>• Yesuusitti amanuudhaan filannoo sirri gochuu qabna.<br>• Wa'ee yesuus namootaa birootti dubbachuun nurraa eegamaa<br><br>**Caqasaa furtuu:** ***Mate 28:-19***<br>**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***HoE 13:-1-12*** |
| **WAL BARSIISI** | • Gareedhaan ta'uudhaan ijoolleen wa'ee gooftaa yesuus hangaa danda'aan akka yaadan godhi.<br>• Seenan haari'a kun wa'ee phaawuloos ta'uu isa ijoolleedhaaf ibsi( jijjiramaa maqaa isa tarreesi) Baarnabaasiifi Yohannis, marqoos, wa'ee yesuus namootatii dubbachuu. |
| **BAARSIISI** | • Guyyaa tokko kiristaanoonni Axokiyaatti walitti qabaman. Phaawuloosiifi Baarnaabaas achi turan. Afurrii qulqulluun phaawuoosifi Baarnaabaas waaqayyoof hojii adda ta'e akka hojjetan warren kaanif ifa godhee. Kadhannan booda, Baarnaabaas, Saa'ooliifi Yohannis akkasumas ilmaa obboleessa Baarnaabaas kan ta'ee marqoos, bidiruudhan gara Qophoros deemani. ***(HOE 13:-1-4)***<br>• Yoommuu achii ga'aan missirachoo lallabudhaan naanna'ani. Iddoo phaafoositti namitichii qorichaa namati godhuu baaresusu ture. Bulchaan biyyaasun wa'ee Phaawuloosifi Baarnabaas waan dhaga'eefi isaan argachuu barbaadee. Bulchaan biyyaa sun sagalee waaqayyoo dhaga'uu yoo barbaaduu Eliimay namtichii qorichaa namootatti godhuu sun garuu akka inni hin amaneef yaale ***(HOE 13:-5-8)***<br>• Saa'ool namtichii qorichaa namatti godhuu sun hojii diyaabiloos hojjeechuu isaa beeke. Saa'ool humnaa afuura qulqulluutin guutamee gara namtichaa qorichaa namatti godhuu xiyyeeffannoo ilaalee hojii atii hojjeetuu hojii hama waan ta'ef jama tata jedheen. Yeroo phaawuloos dubbatuu Eliimas jama waan ta'eefi yeroo dhumaa sana nama isa gargaaruu argachuudhaf garanafi garasitti sochoo'e ***(HOE 13:-9-11)*** *gooftaa yesuusiin balaleeffachuun dogoggoraa akka ta'ee ibsa godhi.*<br>• Bulchaan biyyaa sun humnaa guddumaa waaqayyoo ilaalee gooftaa yesuusitti amanee ***(HOE 13:-12)***<br>• *Phaawuloos, Baarnaabaas, yohannis marqoos, tokkumadhaan ta'anitti bulchaan biyyaa sun gooftaa yesuusiin akka amanuu godhanii. Elimaasoonni garuu murtii dogoggoraa tasisaani. Yesuus akka isa amannuu ni barbaadaa.*<br>• *Ergaan gooftaa yesuus ergaa barbaachiisafi kophaa isaa tasifamee maaliif fudhatamaa?*<br>• *Iddoo biratti wa'ee missirachoo gooftaa yesuus nama lallabuu beektaa ?*<br>• *Wa'ee yesuus namoota warren birootti akkamitti dubbatta?*<br><br>**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**<br>**Argisisuu:-** suura bilisaa macaafa qulqulluu phaawuloosifi Baarnaabaas Qophoroosiin daawwatani. |
| **BARATAAN** | Caqaasnii ijoon barbaachisa yoo ta'ee barsisuufi ibsuu ***mate 28:-19*** yesuus gara samitti osoo hin deemiin dura abboommi inni kennedha. Kaayyoo isa kan ture saboonni adduunyaa irraa jiran hundinuu ergaa missirachoo dhaga'anii isatti akka amananiidha. |
| **YAADACHISI** | • Phaawuloosifi Baarnaabaas hojii adda ta'ee akka hojjetanii eenyuutu isaan ergee?<br>• Isaan fana kan deeme eenyuudha?<br>• Akkamitti adeemanii?<br>• Iddoon galanaa gidduu isaanii deeman maal jedhaamtii<br>• Phaafoositti eenyuu ergataanii?<br>• Phaafoositti yesuusitti namnii amanee eenyuu?<br>• Namtichaa qorichaa namatti godhu sanarrattii maaltuu ta'ee?<br>• Caqasaa furtuu haari'aa keessaatti abboommi sana kan kenne eenyuudhaa? |

## A11 Seenaa 3

## Phaawuloos lidiyaa argatee- Duubartii gooftaa yesuusitti amanatee.

| | |
|---|---|
| | **Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**<br>• Gooftaa yesuusitti kan amanuu hundinuu ni fayyaa/Oola/.<br>• Waan barbaannuu sana iddoo barbaannee tenyee waaqayyoon gafachuu ni dandeenyaa.<br><br>**Caqasaa furtuu:** ***HoE 2:-21***<br>**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***HoE 16:-6-15*** |
| **WAL BARSIISI** | • Ijoolleen iddoo fagoo deeman yoo jirate gafadhuu. Eessadhaa kan isaa deeman? Yeroo hangaamii turaani ? Achitti eenyuun argaani?<br>• Seenan haari'a phaawuloosifii miiltoowwan isaa biyyaa fagoo akka deeman kan agarsiisuu ta'uu ijoolleedhaaf ibsii. |
| **BAARSIISI** | • Phaawuloosifi miiltoowwan isaa Silaasiifi Ximootew biyyaa biyyaatti deemsa fagoo deeman. Afuurii qulqulluun iddoo sirrii waaqayyoo akka isaan deeman barbaadee itti argarsiisee. Iddoo kaam iyyuu yoo deeman namoonni hedduun wa'ee gooftaa yesuus dhaga'uu ni barbaaduu ture. ***(HOE 16:-6-8)***<br>• Dhumaa irraatti gara magaalaa bishaan bukkee tokko ga'aan. Halkaan sana phaawuloos namni maqadooniyaa dhuftee saba osoo gargaartee jedhee yoo kadhaatuu mul'ataan argee/ilalee/. Waaqayyoo eessaa akka deeman barbaadee phaawuloos ni beeke ***(HOE 16:-9-10)***.<br>• *Waaqayyoo wa'ee gooftaa yesuusiin akka isa dhagesisaaniif phaawuloosiif hiriyoonni isaa achii akka deeman barbaaduu isa ibsii. Eesumaa iyyuu jiraachuun keenyaa dhimmaa waaqayyoo mitii wa'ee isaa namoonni akka dhaga'an barbaaduun isa dhimmaa guddadhaa.*<br>• Yeroodhumaa sana markabaa garasittii deemtuu argataani. Yerumaa sana filiphisiyuus kan jedhamtuu magaalaa guddoo sana ga'an gafa guyyaa sambataa phaawuloosiifi miiltoowwwaan isaa markabichaa keessaa ba'aanii gara gargaraa laga iddoo itti yihudoonni kadhataf walitti qabaman deeman. Achitti xiqqo kadhachuudhaf dubartoota dhufan argataan ***(HOE 16:-11-13)*** *lagaa sana bukkee dubartoonnii turan waaqayyoo hin kadhatuu turan. Waaqayyoon dubbisuu kan nurraa jiruu eessaatti? (waaqayyoo iddoo kamitti iyyuu isaa wajjin duddubachuu/ kadhatuu/ akka dandeenyu ijoolledhaaf ibsi)*<br>• Dubartiin isheen tokko lidiyaa jedhamtii. Uffataa callaqisaa gatii jabeessaa gurgurtii turtee.waaqayyootti yeroo dheeraadhaaf kan itti amanattu yoo tatee iyyuu wa'ee ilmaa waaqayyoo gooftaa yesuus gonkumaa dhageese hin beektuu. Liidiyaan waan phaawuloos jedhuu hundumaa of eggannoodhan hordoftii turtee. Gara ishee keessaattis wantii inni jedhuu hundinuu dhugaa ta'uu isaa beekuudhan gooftaa yesuusitti amanatee. Phaawuloos gara magaalaa isheetti waan dhufeef baayyee gammaddee ***(HOE 16:-14-15)*** maatiin lidiyaas kiristaanaa ta'anii. Kan amanan hundinuu yoo cuphaman phaawuloosifi hiriyoonni isaa gara mana dhufaanii akka ta'an lidiyaan affertee.<br>• *Waaqayyoon wa'ee maalii gafachun nurraa jira? ( ijoolleen yaadootaa gargaraa akka fidan gochuun waaqayyoon wan barbaannee hundaa gafachuu akka dandeenyuu ibsa godhiifi)*<br><br>**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**<br>**Argisisuu:-** fakkiwwan bilisaa macaafaa qulqulluu- phaawuloosifi silaas gara filiphisiyuusitti deemanii. |
| **BARATAAN** | Caqasni ijoon barbaachisaa yoo ta'ee barsisuuf ibsuu ***HOE 2:-21*** maqaa gooftaa wammachuun cubbu keenyaa irraa akka nu fayyisuuf gafachuu ta'uu isa ibsa godhi. kun seena lidiyaatti. |
| **YAADACHISI** | • Maqaa miiltoo phaawuloos isa tokko wamtaa?<br>• Iddoo waaqayyoo barbaaduu akka deemaniif eenyuutu isan agarsiisee?<br>• Sababa abjuu phaawuloosiin maaltuu ta'e?<br>• Phaawuloosiif miiltoowwaan isa gara maqedoniyaatti deemanii ?<br>• Phaawuloosifi miiltoowwaan isa duubartoota sana eessaattii argatanii?<br>• Maal hojjetuu turanii?<br>• Hojiin lidiyaa maal ture?<br>• Lidiyaan wa'ee yesuus yoo dhageessuu maal gotee? |

## A11 Seenaa 4

## Phaawuloosiifi silaas - Seenan kun baayinan wa’ee namoota fayyanii argisiisa.

**Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**
- Wangeela gooftaa yesuusitti amanuudhan fayyuu qabna.
- Kiristaanoonni warra gammadan kan ta’anii fi fayyisaa isaanii yesusiin waan qabaniifi.

**Caqasaa furtuu:** ***HoE 16:-31***
**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***HoE .16:-16-34***

**WAL BARSIISI**

- Ijoollee maaltuu akka isaan gammachisuu gafadhuu.
- Seena hari’atiin namoonni xiqqoo ta’an kan gammadan akka jiraan ijoolleetti dubbadhuu. Of eggannoodhan akka dhageeffatan gochuudhan eenyuu kan gammadee akka ta’ee akka beekaniif itti dubbadhuu.........

**BAARSIISI**

- Guyyaa gaf-tokko phaawuloosifi silaas iddoo filiphisiyuus turanitti intalaa hojjetuu tokko gargaraan .Bulchitoonni ishee baayyee waan isaatii araaniifi phaawuloosifi silaasiin gara iddoo lafa gabaatti gessuudhaan waan soba irraatti dubbatani ***(HOE 16:-16-21)***
- Phaawuloosifii silaas ergaa reebaniin booda gara mana hidhaatti galchaan. Egduun mana hidhaas miila isaanii fuuncaa guddadhan utubaa wajjin walitti hidhanii ***(HOE 16:-22-24)*** *phaawuloosifii silaas akkamitti itti dhaga’amaa?*
- Gara halkaan walakaa phaawuloosiifi silaas gara waaqayyootti osoo kadhatanii faarfatanii, hidhamtoonni warren kaan dhaganii ! garafamuu/reebamuu/baayyee irraa kan ka’ee bukkeen isanii yoo mada’ees waaqayyoon kabajaanii ***(HOE 16:-25)***
- Tasaa sagalee bira dhufee. Wantoonni hundinuu tokko tokkon isaanii rafamani. Balbaaloonni banamanii. Kiyyoo/fuuncaa/ hidhaan irraa harca’aanii kun sochii lafaa fakkataa ***(HoE 16:-26)***
- Egduun mana hidhaa ka’ee yoo ilaaluu balbaloonni mana hidhaa hundinuu banamanii. *Yaanni isaa inni caalqabaa maal ta’iinnaa?* Phaawuloos garuu hidhamtonnii hundinuu waan as jiraniif hin dhiphatiin jedhee itti dubbatee. ***(HOE 16:-27-28)***
- egduun mana hidhaa cubbama ta’u isaa waan beekefi phaawuloosiin fayyuudhaf maal gochuu akka qabuu gafatee. Phaawuloos << gooftaa yesuusitti amanii ni fayyita >> jedheen. Phaawuloosifii silaas eegduu mana hidhaafi maatii isaaf yesuus wa’ee cubbuu isaaniifi akka du’e ibsa godhii. Egduun mana hidhaa Sunis phaawuloosifi silaas gara mana isatti fudhatee. Madaa isaanii irraa dhiqee nyaatas kennef . egduu mana hidha sanafi maatii isaf galagalaa baayyee nama gammachisuu kan ta’eefi hundii isaanii gooftaa yesuusitti waan amananiifidhaa. ***(HOE 16:-29-34)***
- *Seena kana keessaatti warri gammadan eenyuu fa’ii? Maaliif gammadanii? ( ijoolleetti wa’ee phaaawuloosifi silaas, akkasumas wa’ee egduu mana hidhaafi wa’ee maatii isaa akka dubbatan jajjabeessi. Sababni gammachuu namoota kana wa’ee fayyinaa isaanii ta’uu ibsii)*
- *Ijoolleen cubbuu isaaniirraa fayyuun akka barbaachisuu ibsa godhifi. Inni ilmaa waaqayyoo ta’uu isaafii wa’ee cubbuu keenyaaf waan du’eef yesuusitti amanuu qabna.*

**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**
**Argisisuu:-** fakkii bilisaa macaafaa qulqulluu, phaawuloosiis silaas mana hidhaatti

**BARATAAN**

Caqaasni ijoon barbaachisaa yoo ta’e barsiisuufi ibsuu ***HOE 16:-31***

**YAADACHISI**

- Phaawuloosifi silaas eenyuun ture kan gargaraan?
- Phaawuloosifii silaas irraa dhibbaa maaltuu ga’ee?
- ‘’ ‘’ halkaan wallakka maal godhanii?
- Osoo faarfachaa jiranii maaltuu ta’e?
- Egduun mana hidha rafamuu hundee mana hidhaa booda maaliif sodatee?
- Egduun mana hidha phaawuloosifi silaas maal isaan gafate?
- Phaawuloosifi silaas immoo maal itti himanii?
- Egduun mana hidhaa halkaan sana maal godhee?
- Barumsaa kanarraa maal barrannaa?

## A12 Seenaa 1
## Zakaariyaasifi Elsaabex:- Waaqayyoo kadhataa ni deebisaa.

| | |
|---|---|
| | **Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**<br>• Waaqayyoo kadhannaa ni deebisa.<br>• Kadhanni yeroo waaqayyootti deebi'aan malee yeroo keenyaatti mitii.<br><br>**Caqasaa furtuu:** ***Luq 1:-13***<br>**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***W.Luq 1:-5-25*** |
| **WAL BARSIISI** | • Ijoollee maatii isaanii gafadhuu. Ijoollee mana isaanii jiraaniifi wa'ee maatii isaan isa bal'aa gafadhuu. Ijoolleen namootaa gammachisuu.<br>• Ijoolleen dhugaadhuman kan jalataan akka yaadataan gafadhuu. Isaa kana maaliifi akka godhan ibsa gochuu danda'uu ? Seena hari'atiin warree laman kanatti miira akkamituu itti dhaga'amee, isaaniis mucaa barbaadan !. |
| **BAARSIISI** | • Zaakariyaasifi Elizaabeex dhugumaan mucaa argachuu barbaadaani. Dullumnii isaanirraatti ulfatee/fee'ame/ yoo jiratee iyyuu, hiriyoonni isaanii hundinuu maatii xiqqoo yoo qabatan isaan garuu hari'a iyyuu kophaadhumaa isaanitti. *Maaltuu akka isaanitti dhaga'amuu ni yaadda? Zaakariyaasifi Elsaabeex mucaa waan hin qabneef wantii isaan dhaaban maalidhaa? Mee muxannoo/aadaa/ ijoollee beekan gorsaa isaanii yaa kennanii* ***(luq 1:-5-7)***<br>• Dhimmaa kanaf waaqayyoon kadhatani, waaqayyoo akka kadhanna dhaga'uu ni beekuu! ***(luq 1:-13)*** *rakkinaa nu mudaateef kadhachuu akka dandeenyuu ibsifi.*<br>• Waaqayyoo kadhannaa isaanii waan dhaga'eefi osoo zaakaariyaas mana qulqulluummaa jiruu ergamaa isaaf erge. *Yoommuu ergamaan sun dhufuu mirri zaakakiriyaasitti dhaga'amee maal akka ta'ee mee yaaddaa?* Ergaman akka inni in soddaannee itti himeeti Elsaabeex yohaaniis mucaa jedhamuu akka deessuu missirachoo itti himee ***(luq 1:-8-11)***<br>• Zaakariyaas missirachoo itti himamee amanuu hin dandeenye. Innifi haati mana isa Elsaabeex yeroon umuriin itti dhala godhataan waan darbeefi dhimmaa kan amanuuf hin dandeenye. Ergamichii ergaa isaanitti himamee zakaariyaas waan hin amaneef hangaa mucaan dhalatuttii zakaariyaas duuda ta'e ***(luq 1:-18-20)***<br>• *Zaakaariyaas irraa wantii nutii barannuu hedduun bu'a qabeesi jira... yeroo kadhanuutti waaqayyoo kadhannaa keenyaa akka dhaga'uu amanuu qabna.*<br>• *Hari'aaf dhimmaa irraatti kadhannuu qabna!*<br><br>**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**<br>**Argisisuu: -** SBMQ: Zakkariyaasif mucaan ilma waada galameefi ture. Dhalachuu Yohannis Cuuphaa. |
| **BARATAAN** | Caqaasni ijoon barbaachisaa yoo ta'ee barsisuufi ibsuu qabna. ***Luq 1:-13*** |
| **YAADACHISI** | • Zaakariyaas eenyuu fudhee ture?<br>• Maaliidhaa qabatamadhan kan isaan godhan?<br>• Zaakariyasiifi Elsaabeex gara eenyuutti kadhannaa godhanii?<br>• Zaakariyaas mana qulqulluummaa keessaatti eenyuun argatee?<br>• Zaakariyaas yoo ergamaan wal arguu miira akkamiituu itti dhaga'amaa?<br>• Ergaan ergaamaa irraa itti kennamee maal ture?<br>• Zaakariyaas ergaa kana waan hin amaneefi rakkoo maaltuu isa mudatee?<br>• Yeroo kadhanuutti waan bu'aa qabuu gosa kami gochuutu nurraa egamaa? |

## A12 Seenaa 2

**Maariyaamiifi Gabri’el- Seenan kun maariyaam waan waaqayyoo isheetti hime amanuu ishee argisiisa.**

**Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**

- Maariyaam waan isheedhaf hin danda’amnee yoo fakkatee iyyuu ergaa ergamaa irraa dhufee amanatee fudhattee.
- Waaqayyoo wan ta’a hin fakkannee ni godhaa/tasiisaa/.

**Caqasaa furtuu:** ***Luq 1:-37***
**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***Luq 1:-26-38***

### WAL BARSIISI

Zakaariyaasifi Elsabeex mucaa akka argatan kan itti dubbatamee ergaa torbaan darbee irraa deebi’ii . Yeroodhumaa sana waaqayyoo dawwannaa adda ta’e kan biraf ergamaa isa erge

### BAARSIISI

- *Garagarummaa Maariyaamifi Elsaabeex yaadi.* Maariyaam kadhimaa yoseef tatee magaalaa nazireet kan jiratuu mucayyoo/ intalaa/ dargageetti tokko turtee. Guyyaa tokko gabri’el ishee dawwachuudhaaf dhufee ***(luq 1:-26-27)*** *kun haala umamaan kan hin tanefi waan maariyaam sodachisee ta’uu isa ijoolleedhaaf ibsii/hubachisii/.*
- Ergamaan akka isheen hin sodannee itti dubbatee. Isa ergaman akka isheen mucaa ilmaa deessuuf itti dubbatee of eggannoon dhaggeffate. Maariyaam abbamana wan hin qabneef waantii kun bitaa itti galee. Ergamichiis afuurri waaqayyoo mucaa adda ta’ee kana akka kennuufi isheen immoo yesuus jette akka moggaftuu itti dubbatee ***(luq 1:-29-34)***
- Yesuus mucoolli dhlataan hundaan oliidhaa inni ilma waaqayyootti. Hubachuudhaaf yoo rakkisee iyyuu wantii waaqayyoof dadhabamuu akka hin jirree gabri’el itti dubbatee ***(luq 1:-35-37)***
- Maariyaam ergaa itti dubbatamee amanatee. Maariyaam karoora ilmaa dessuu sana seena isa keessaatti hirmaattuu ta’udhaaf fedha qabetti tatee. Dhaloonni yesuus wan aja’iibaa nama aja’ibsisuudha. ***(luq 1:-38)***
- *Akka ilaalchaketi kakuu hin amanamnee siif kakkatamee beeka?*
- *Maariyaam ergaamichaa maalif amanattee? Hundumti keenyaa akkumaa maariyaam akka isaatti amannuu waaqayyoo ni barbaadaa.*

**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**
**Argisisuu:-** fakki bilisaa macaafaa qulqulluu ergamaa maariyaamiin dawwatee/ilaalee/

### BARATAAN

Caqaasni ijoon barbaachisaa yoo ta’ee barsiisuudhaan ibsuudhaa luqaas 1:-37 macaafaa qulqulluu keessaatti wantii waaqayyoo jedhee waan << hin dandaa’amnee>> ijoolleen yaaduu dandaa’uu? Guddumaa isaatiif ulfinnii isaaf haa ta’uu

### YAADACHISI

- Maariyaam eessaa jiraati turtee?
- kadhimnii maariyaam eenyuu?
- Ergamaan maariyaam ilaalee/dawwatee/ eenyuu jedhamaa?
- Maariyaam dubbi ergamarraa dhageese maaliif bitaa itti galee ture?
- Gama kaamiin mucichii kan adda ta’uu kan dandaa’ee
- Maariyaam wa’ee ergaa sanaatiif maal goote?
- Maariyaam fakkenyaa gaarii akkamitti nuf ta’uu dandeessi?
- Waaqayyoof wantii dadhabamuu jiraa?

## A12 Seenaa 3

**Dhalachuu yohannis:- Seenan kun waan waaqayyoon fixaan ba'ee kan argarsiisudhaa.**

**Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**
- Waaqayyoo kakuu isa zakaariyaasifi Elsaabeexiifi ni rawwatee.
- Waaqayyoo nufis kakuu galee ni eega.

**Caqasaa furtuu:** ***Luq ,1:-79***
**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***Luq .1:-57-80***

### WAL BARSIISI

- Ji'a dhheraadhaf dubbachuu dadhabuun maal akka ta'ee irraatti maari'adhaa. Ta'ii kun zaakaariyaas irratti akka ta'ee ijoollee yaadachisi.
- Gaafa ayyanaa qillee/dhaloota yesuus/ kan ka'ee ganamaa kennan atii argachuuf yaaduu maal fakkata? Inni kun zakaariyaasfi Elsaabeex ergaamichii kakuu galee mucaa xiqqoon sun yeroo dhalattuu miira itti dhaga'amuu akka ta'ee agarsiisaa. Yeroo nama ajaa'ibudhaa.

### BAARSIISI

- Mucichii yeroo dhalatuu holloonni maqaa isaa akkumaa abba isaa zaakaariyaas akka jedhamuu barbaadaan. Elsaabeex garuu maqaa isa yohaannis jettee. ***(luq 1:-57-60)*** *Elsaabeet mucichii yohaannis jedhamaa maaliif jette?*
- Zaakariyaas waa'ee mucaa yoo gafatamuu <<yohaaniis jedhamaa>> jedhee waaqarraatti barreese ***(luq 1:-62-63)***
- Yeroo saantii ammas irraa deebi'ee dubbachuu jalqabee zakaariyaas maaliif isaa kana godhee? *Waaqayyoo kakuu sana eege. Mucichii yeroo dhalatuu gammachuu guddaan gutamee inni waan guddaa kanarraa caaluu ni hojjetaa jedhee!* Namnii hundinuu yeroo kana arguu ni dinqifatuu ***(luq 1:-64-66)***
- *Yohannis mucaa adda kan ture maaliif? Maatiin isaa argachuudhaaf waggaa dheeraa akka eegataan ijoollee yaadachisii. Guddinni isaa gooftaa yesuusiif karaa kan tolchuu ture.*
- *Waaqayyoo nuufis kakuu isaa ni eega. Macaafaa qulqulluu keessaatti kakuu karaasaa nu galee maqaa dhayii.*

**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**
**Argisisuu:-** fakkiwwan bilisaa macaafaa qulqulluu yohaaniis cuuphaa.

### BARATAAN

Caqaasni ijoon barbaachisaa yoo ta'ee barsiisuufi ibsuun. ***Luq 1:-76*** caqaasni kun zakaariyaas waaqayyoon galateeffaachuuf faarfannaa inni faarfate irra kan fudhatamee ta'uu, ibsa godhii.

### YAADACHISI

- Abban mana Elsaabeet eenyuu jedhamaa?
- Maaliif dubbachuu dadhaabee ture?
- Warri holla maqaa mucichaa eenyuu jedhanii wamuu barbaadanii?
- Elsaabeet maalif ture Mucichaa yohannis jedhe waamuuf kan yaadee ?
- Zakaariyaas si'a lammaffaa kan dubbatee yoommidhaa?
- Yohaannis hojii adda ta'e maal hojjeta?

**Gochaan agarsisii:-** ijoolleen dhalachuu yohannisif kaardii xiqqoo qopheessuu qabu

## A12 Seenaa 4

## Dhaloota yesuus:- Seenan kun waaqayyoo ilmaa isa nuuf kennuu isa kan agarsiisudhaa.

| | |
|---|---|
| | **Barumsaa kanarraa kan barrannuu:**<br>• Ilmii waaqayyoo yesuus nuun fayyisuudhaaf dhuufe?<br>• Waaqayyoo jalalaa guddadhaan gooftaa yesuusiin waan nu eergeef isaa galateeffachuu qabna.<br><br>**Caqasaa furtuu:** ***Luq 2:-7***<br>**Dubbisa macaafaa qulqulluu:** ***Luq 2:-1-7*** |
| **WAL BARSIISI** | • Karoora daqiiqaa dhumarraatti akka jijjiramuu dubbadhuu. Haala ati keessaa jirtuu wajjin waliti fiduun bifa ijoolleen hubaachuu danada'aaniin fakkenyaa kenni.<br>• Mucaan maariyaam dhalachuuf akka ga'ee ibsii. Mucichiis bakka yoseefi maariyaam jiraataa naaziretitti yoo dhalaatu iyyuu waan gaarii ture. garuu...... |
| **BAARSIISI** | • Bulchinsii warra Rooma sabnii hundinuu iddoo dhaloota isaatii akka galmaa'aaniif abboommi kenne. Yoseefiifi maariyaamiis gara betliheeem dhufan ***(luq 2:-1-5)*** *fakkeenyaa iddoo sanaa tilmaama keessaa galchii tilamana maayilii 80 adeemsa guyyaa afuriti .deemsii dheeraan kun maal sitti fakkachuu danda'aa/ ijoollee 2ffaa/ mucichii betliheemitti dhalaachuun isaa karooraa waaqayyoo akka ta'ee hubachisii!*<br>• Yoommuu achii ga'aan magaalichii naman guutamee waan jirtuuf iddoo baqataan hin argannee mucaan kakuun kennameef yeroo inni dhalatuu, dhiyaatee ture. Achumaan siree horiin keessaa nyaatu argataanii achii boqotanii ***(luq 2:-6-7)***<br>• Yesuus mucichii yoommuu dhalatuu wayaa itti martee dalla horiin keessaatti nyaatan/ galaan/ irraa cibsitee ***(luq 2:-6-7)*** *yesuus wayyadhaan maraamee siree horiin keessaa nyaatuu keessaa maaliif kawwamee? Ijoollee mucaan guddaa ta'e kun iddoo salphinaatti dhalachuu isaa akka dinqisifataan gargaarii. Kun immoo aadaa keessaa jiraattuu keesaatti mucaa dhalatuu wajjin wal bira qabuun hubaachuu sibarbaachisaa.*<br>• *Mucaan akka yesuus gonkumaa kan muddaa hin qabnee hin argamnee. inni ilmaa waaqayyootii inni ulfinaa isaa isa waqarraa dhiisee lafarraaatti kan dhalatee nuun cubburraa fayyisuuf* ***(W.Mate.1:-21)***<br>• *Wa'ee ayyanaa qillee/dhaloota yesuus/ yoo yaadannuu waaqayyoo wa'ee jalalaa isaaf ilma isa fayyisaa waan nuf ergeef isa galateffanaa.*<br><br>**Yeroo barumsaa macaafaa qulqulluu xumuruu.**<br>**Argisisuu:-** suura bilisaa macaafaa qulqulluu, wa'ee dhaloota yesuus, barreefamoota gaggababoo, www.bibleforchildren/ the birth of jesus. |
| **BARATAAN** | caqaasni ijoon barbaachisaa yoo ta'ee barsiisuufi ibsuu. ***Luqaas 2:-7*** |
| **YAADACHISI** | • Yooseefitti kan eerumtee eenyuu?<br>• Yoseefi fi maariyaam eessa jiratuu turanii?<br>• Yoseefifi maariyaam eessaatti adeemuu turanii?<br>• Yooseefifi maariyaam betliheem maaliif deemani?<br>• Iddoo sirree horiin keessaa nyaatu keessaa maalif boqotanii?<br>• Mucichii yesuus iddoon inni ta'ee maal jedhamaa?<br>• Yesuusiin wantii adda isa godhuu maaliidhaa?<br>• Fayyisaa maalifi barbaannaa? |

## Qajeelfama barsisoonni qabxii barumsaa ittiin guutan.

**Barumsa Sad. 1ffaa.**

- Kitaabicha keessatti bakka dibamu ykn ajajni isaa kan irratti barreeffamu fuulli 1 ykn 2 barbaachiisu.
- Barnoota torbanitti qabxiin kudhan kan raawwatame yoo ta'u kun immoo ji'a keessatti qabxii 40 ta'a.
- Ijoolleen sad.1ffaa sirriitti waan hin dubbifneef maatiin/guddiftonni ykn barsiisonni isaan gargaaruu qabu.
- Barnoonni tokkon tokkon isa qabxii 2 yoo qabatu fuulli dibamu 10 ta'uu qaba.

**Barumsa sad.2ffaa**

- Torbanitti fuula 2 (Qajeelfama Kitaabicha keessaa 4).
- Seenaan isa barumsa keessatti galeera. Barattonni ajaja garagaraa barbaadu, halluu dibuu bareechuu, caqasa ijoo guutuu fi.k.k irraa egama.
- Barumsi isaa yoo xumuramu torbanitti qabxiiwwan 2, ji'atti immoo qabxii 80 qabaatu.

**HAALA QABANNA QABXII YEROO KITAABA QULQULLUU.**

**IBSA HAALA QABANNAA QABXII.**

Jalqabarratti baratoonni:

- Barumsa kana tokkon tokkon isa sakattaatee sirreessuudhaan sirrii kan ta'aniifi kan hin taanetti mallattoo itti godhii.
- Bu'uuruma qajeelfama kanaatiin qabxiilee barbaachisuuf jajabinaaf badhaasi.
- Deebiin tokkon tokkon isaa kan ati soroorsitu yeroo hundumaa qalama adda ta'een ta'uu qaba
- Deebii sirri qabxii kamiyyuu yoo lakkofsisuu baate, barbaachisaa yoo ta'e dogongora jechaa sirreessi.
- Deebii gar- tokkon hojjetaman qabxii hir'isuu qabda.
- Walii galaan kan ji'aa ida'uudhaan fuula dhumaa irratti bakka duwwaa jiru irratti guuti. Barattoota jajjabeessuudhaaf yeroo qo'annaa Kitaaba Qulqulluu, waan hundumaa hojjechuuf gaarii ta'utu sirra jira. Barsiisaan ji'umaan jecha jajjabina dhuma barumsa irratti bakka duwwaa kenname irratti guutuun nifayyada.

Bakka yaanni kennamutti dibata gaariin dibuu, qulqullinaaf bu'aafi sadarkaa barumsaa ittin hubatanii fi.k.k f ta'uu danda'a. Yaadonni kennaman hanga danda'ametti kan gargar ta'aa akka ta'an yaali.

Gaaffiwwan, himoonni, hubannoowwan, jajjabinaleewwanifi k.k f kan irra deddebi'aman yoo ta'e gaaffileewwaan garagaraa itti fayyadamuudhaaf ni gargaara. Itti yaaduudhaa yoo gaafattu iyyuu fedhii baratoota kan Dammaqsuuta'uu barbaachisa. Ji'atti himoota wal fakkaatan ykn gaaffii irra deddebi'aaman yoo ta'e xiyyeeffanoo hinharkisu.

**SADARKAA 1FFAA**

**Yaadoota walii galaa:**

“Eemii: barnoota kana wan jalqabdeef gammadeera. Akka ati itti gammaddus abdiin qaba. Halluu dibuu kee jaalladheera mana barumsaa galteettaa? Waa'ee dhimma kana natti himi deebii isaa dhaga'uudhaaf arifadheera.”
“ Indiriyaas: haala ta'uun hojjeteraa, dibati halluu akkam nama dinqisisudhaa! Sarara keessatti dibuu hindandeenye ture? Xumura barumsaa irratti dibati halluu dogongoraa murtaa'aatu ture.”

**Yaadoota afuuraa:**

“Gaarii hojjette namni Yesus gargaare nama gammadaa akkamitti.”
“Deebii baay'ee gaarii! Duti Yesus nu gadisisus, kan nama gammachiisu immoo deebi'ee du'aa ka'uu isaati.”

**SADARKAA 2FFAA**

**Yaadoota waliigalaa:**

“Joowwanaa - deebii gaarii: dhugumaan qabatamaa kan nuti taanuu mana barumsatti barsisaan kee baay'ee akka gammadedha! Guyyaan dhalootakee waan dhiyaate natti fakkaate waan adda ta'e hojjete? Waan barbaadde yoo hojjettu guyyaa gaarii sif haa ta'uu!”
“Hedduu dadhabdeetta, dogonggora xiqqoo qabda. Baay'ee xiqqoo yeroo dhumaa hunda deebi kee mirkaaneffachuu hin dagatiin.”

**Yaadoota afuuraa:**

“Siree horiin irraa nyaatu keessatti akkamitti mucicha Yesusiin akka suura kaafte baay'ee jaalladheera. Waaqayyo isa gara lafaatti erguu isaatiin garummaa isa hin agarsiisuu?”
“Dibuukee dhugumaa jaalladheera! Zaakaariyaas waan waaqayyo jedhe waan hin amanneef gatii baasuu qaba. Inni gonkumaan sagalee waaqayyo deebi'ee mamuun irra hin jirru.”
“Deebii baay'ee caalu. Namtichi lafa onaatti Filiphoosiin argee dhugumaan baay'ee gammadera. Waa'ee Yesus missirachoo dhaga'ee amaneera.”

© Bible Educational Services 2019

www.besweb.com

Registered Charity UK 1186004

OM (Oromo) 2021